# XIINXALA ERGAA AFWALALOO GEELLOO OROMOO GODINA WALLAGGAA BAHAA AANAA GIDDAA AYYANAA

**QORATAAN: DASSAALENY NAGARII**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE YUUNIVARSIITII JIMMAA KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANIITIITTI MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIF DHIYAATE**

FULBAANA, 2014

JIMMA, OROMIYAA

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE YUUNIVARSIITII JIMMAA KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANIITIITTI MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIF DHIYAATE**

# XIINXALA ERGAA AFWALALOO GEELLOO OROMOO GODINA WALLAGGAA BAHAA AANAA GIDDAA AYYANAA


**QORATAAN: DASSAALENY NAGARII**

**GORSAA: TAAYYEE GUDDATAA (PhD)**

**GORSAA AANTEE: ABDUSALAAM ABBAA OLII** (MA)


**FULBAANA, 2014**

**JIMMA, OROMIYAA**

**Yuunivarsiitii Jimmaa**

**Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu ittiin guuttachuuf Dassaaleny Nagarii mata duree "Xiinxala Ergaa Afwalaloo Geelloo Oromoo Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Giddaa Ayyanaa" jedhu irratti gaggeeffame sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa'e guutera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa alaa ______________________________ Mallattoo __________Guyyaa _______

Qoraa keessaa ___________________________Mallaattoo _________Guyyaa _________

Gorsa_________________________________Mallattoo____________Guyyaa ________

Gorsaa Aantee___________________________mallattoo ____________Guyyaa_______

_____________________________________________________________________

Itti gaafatamaa Muummee Yookiin Walitti Qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

## Ibsa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta’uu, kanaan dura yuunvarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hindhiyaanne ta’uu isaafi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda wabii keessa kaa’uu koo nan mirkaneessa.

**Maqaa: Dassaaleny Nagarii Garbii**

**Mallattoo: __________________________________**

**Guyyaa: ____________________________________**

## Galata

Galma ga’iinsaafi milkaa’ina qorannoo kanaatiif namoonni kallattii garaagaran gargaarsa naaf taasisan hedduudha. Kanneen keessaa jalqabarratti yaadaafi qajeelfamoota barbaachisoo naaf kennuun gargaarsa olaanaa kan naaf godhan gorsaa koo Dr. Taayyee Guddataaf galata guddaan qaba.Itti aansuun immoo haadha mana, abbaafi hatii koo yeroo ragaa funaana turetti gargaarsa mallaqaafi yaadaa baay’ee waan naaf taasisaniif galanni koo onneerraati.

## Axereeraa

*Qorannoon kun mata-duree Xiinxala Ergaa afwalaloo Sirba Geelloo Oromoo Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Giddaa Ayyaana irratti xiyyeeffachuun kan gaggeeffamedha. Ka'umsa qorannoo kanaaf sababni inni guddaan, uummata Oromoo Aanaa Giddaa Ayyaana biratti yeroo ammaa kana afwalaloon sirba geelloo irranfatamaa dhufuudha. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa ergaa af walaloo sirba Geelloo Oromoo Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Giddaa Ayyanaa xiinxaluu yommuu ta'u, Barbaachisummaan qorannoo kanaa immoo namoota qorannoo bal'aafi gadifagoo dhimma mataduree kana waliin hidhata qaban irratti gaggeessaniif odeeffannoo barbaachisaa ta'e kennuu, dargaggootni Oromoo aadaa isaanii akkaa yaadataniif, akka jajjabeessaniifi ergaan sirba geelloo maal akka ta'e akka isaan hubataniif, waajjira Aadaafi Turiizimii Aanichaaf akka madda ragaatti fayyaduun guddinaafi dagaagina afoola Oromoofis tumsa guddaa niqaba.Malleen qorannoo kana keessatti hojiirra oolanis,saxaxa qorannoo,madda odeeffannoo tooftaa miti-carraa ta'ee,madda ragaa tokkoffaati. Malli iddatteessuu qorannoo kana keessatti itti fayyadames, mala iddattoo miti-carraa ta'ee, iddatteessuu akkayyoofi darbaa dabarsaadha. Malli funaansa odeeffannoo kanaas afgaaffii,mariigareefi daawwannaadhaan kan funaaname yommuu ta'u,malli qaaccessa odeeffannooqorannoo kanaa immoo mala xiinxala ergaati. Kanas,naamusa qorannoo barbaachisaa ta'etti fayyadamuun qorataan qorannoo kana gaggeesseera. Haaluma kanaan qorannoo kun argannoowwaan bira gahamanis, Ragaalee xiinxalaman kanneenirraa afwalaloo sirbi geelloo Oromoo Giddaa ergaawwan hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa ibsan dabarsu. Dabalataanis, sirboonni geelloo hawaasichaaf faayidaalee bashannansiisuu, safuufi aadaa hawaasaa barsiisuu, eenyummaa ijaaruufi dhaloota haaraa onnachiisuu akka qabu xiinxalameera. Qorannoon kun yaadiddama faayidaalee gosoonni beekumtaa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qaban qorachuudhaan adda baasuuf kallattii namatti kan agarsiisudha. Kana irraa ka'uudhaan, qorataan qorannoo kana afwalaloo sirba geelloo Oromoo aadaa hawaasni sun dhimma bahu irratti hundaa'uun faayidaalee inni hawaasichaaf qabu yaadiddama kana hordofuun xiinxalame jira.*

**Jibsoo**

- Bargii ………………………………… kan hinbilchane
- Carii …………………………………. booruu kan hintaane
- Didibbee ………………………………..lafa dhakaan walmakaa
- Fiitii ……………………………………gosa hiddaa
- Kashaakkashuu …………………………aaritiin muka muruu
- Kashalee.........................................…...bareedduu
- Lasii …………………………………… lallaaftuu
- Laaluu ……………………………….. gosa mukaa
- Nagaroo …………………………….. .cubbuu
- Rigaa………………………………….. muka ittiiin ilkaan qulqulleeffatan
- Shorroo………………………………… bareedduu
- Soommoo ……………………………… kichuu
- Sooyyoma ……………………………...gosa mukaa dheeraa qal'aa
- Waayyuu ……………………………… gosa Oromoo
- yayya'aa ……………………………….. babba'aa

# BAAFATA

**Qabiyyee** **Fuula**


Galata ... i

Axereeraa ... ii

Jibsoo ... iii

BAAFATA ... iv

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ... 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa ... 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ... 3

1.3. Kaayyolee Qorannichaa ... 5

1.3.1. Kaayyoo Gooroo ... 5

1.3.2. Kaayyoo Gooree ... 5

1.4.Daangaa Qorannichaa ... 5

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa ... 5

1.6. Hanqina Qorannichaa ... 6

1.7. Qindoomina Qorannichaa ... 6

1.8. Seenduubee Bakka Qorannichaa ... 7

1.8.1 Kaartaa Aanaa Giddaa Ayyaanaa ... 9

1.8.2. Hidda Latiinsaa ... 10

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUUWWAN FIROOMANII ... 11

2.1. Beekumtaa ... 11

2.1.1. Gooroowwan Beekumtaa ... 12

2.1.2. Yaadrimee Ogafaanii ... 13

2.1.3. Gooroowwan Ogafaanii ... 15

2.1.3.1. Afwalaloo ........ 15
2.1.3.2. Afwalaloo Sirbaa ........ 17
2.1.3.3. Sirba Geelloo ........ 17
2.1.3.4. Faayidaalee Sirba Geelloo ........ 18
2.1.4. Sakatta'a Qorannoo Aantee ........ 20
2.1.5. Yaadiddama Qorannichaa ........ 21
2.1.5.1. Yaadiddama Tajaajilaa ........ 21
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ........ 23
3.1 Saxaxa Qorannichaa ........ 23
3.2. Mala Akkamtaa ........ 23
3.3. Madda Odeeffannoo ........ 24
3.4. Iddattoofi Iddatteessuu ........ 24
3.4.1. Iddetteessuu Akkayyoo ........ 25
3.4.2. Iddatteessuu Darban Dabarsaa (Iyyaaffannoo) ........ 25
3.5. Tooftaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanamu ........ 26
3.5.1. Afgaaffii ........ 26
3.5.2. Marii Garee ........ 26
3.6. Mala Qaaccessa Odeeffannoo ........ 27
3.7.Naamusa Qorannichaa ........ 28
BOQONNAA AFUR: DHIHEESSAAFI XIINXALA RAGAALEE ........ 29
4.1. Qabiyyeewwan Sirboota Geelloo ........ 29
4.1.1. Jaalalaa ........ 29
4.1.2. Hawwii ........ 34
4.1.3. Filannoo ........ 37
4.1.4. Gaabbii ........ 38
4.1.5. Qeeqaa ........ 40

4.1.6. Jibba ... 41
4.2. Ergaawwan Sirboota Geelloo ... 43
4.2. 1. Ergaawwan Hawaasummaa Kan Qaban ... 43
4.2. 2. Ergaawwan Dinagdee Kan Qaban ... 46
4.2.3. Sirboota Geelloo Ergaa Siyaasa Qaban ... 48
4.3. Faayidaalee Sirboonni Geelloo Hawaasaaf Qaban ... 51
4.3.1. Bashannansiisuu ... 51
4.3.2. Safuufi Duudhaa Barsiisuu ... 52
4.3.3. Eenyummaa Ijaaruu ... 52
4.3.4.Onnachiisuuf ... 53
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ... 56
5.1. Cuunfaa ... 56
5.2. Argannoo ... 56
5.3. Yaboo ... 57
Wabilee ... 58
Dabalee A ... 62
Dabalee B ... 63
Dabalee C ... 64
Dabalee D ... 65
Dabalee E ... 66

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Jechi Afaan Ingiliziin ‘folklore’ jedhu jalqaba nama lammii Ingilizii maqaan isaa William J. Thomas jedhamuun bara 1846 mogaafame (Dorson, 1972). Jechi kunis jechoota lama ‘folk’ fi ‘lore’ jedhaman irraa kan ijaarame yoo ta’u, ‘folk’ jechuun hawaasa yookaan garee hawaasaa kan afaaniifi aadaadhaan, akkaataa jiruufi jireenyaan walfakkaatan jechuudha. ‘Lore’ jechuun immoo beekumsaafi wantoota isaa biroo hawaasni sun waliif dabarsudha. Wantotni hawaasni waliif dabarsus waan calaqqisisu aadaa, falaasama, ilaalchaafi hawaasdinagdeedha.

Hawaasni kamiyyu beekumtaa mataa isaa ittiin eenyummaa isaa ibsatu niqaba. Beekumtaaf hiika kennuu ilaalchisee garuu hiika beektonni irratti waliif galan kennuun rakkisaadha. Sababiin isaas, qabiyyeen isaa bal’aa waan ta’eef, umurii dheeraa waan qabuuf, akkasumas, dhimma waa’ee dhala namaa qoratu waan ta’eefidha (Amos, 1972; Coffin, 1968). Kanneen malees, qorannoo beekumtaa irratti qorattoonni qooda fudhatan hayyoota beekumtaa qofa osoo hintaane kan falaasamaa, seenaa, xiinsanyii, qorsammuu, ogbarruufi xinqooqaa waan dabalatuuf; qorattoonni kunniin immoo dirree hojii isaaniitti fakkeessuufi harkisuun faayidaa beekumtaa akka dhaabbataa taasiseera (Coffin, 1968). Yaanni namoota kan sababoota qorattoonni dirree garaagaraarraa dhufanii beekumtaa qorataniif, hiikaafi faayidaa isaarratti waanti dhaabbataa ta’e akka hinjirre ibsa. Haa ta’u malee, beekumtaan dhimmoota hawaasa kallaatti hedduun akka tuqu hubachuun nidanda’ama.

Dorson (1972) unkaa isaanii bu’uureffachuun gooroowwan beekumtaa bakka gurguddoo afuritti qoodee jira. Isaanis ogafaan, wantoota aadaa, duudhaalee (bareewwan) hawaasaafi aartii sochii hawaasaadha. Beekumtaan Oromoos unkaawwaniifi gooroowwan beekumtaa hayyuun kun tarreeesse kanneen mara kan ofjalaa qabudha. Gooroowwan beekumtaa keessaa xiyyeeffannoo qorannoo kanaa isa ta’e ogafaaniidha. Finnegan (1992)fi Mhando (2008) akka ibsanitti, ogafaan bu’uura aadaa hawaasaa ta’ee kan shaakala afaaniin (oral practice)fi adeemsa afaaniin (oral process) irraa ijaaramudha. Shaakala afaaniin kan jedhu kunis kan inni ibsu gooroowwan ogafaanii kanneen akka ragamtaa, seendurii,durdurii,qoosaa,tabaallii,mammaaksa, hibboo, eebba, abaarsa, geerarsafi sirbootaadha.

Adeemsi afaaniin immoo ta'iinsota walqunnamtii hawaasaafi hurrubummaa kanneen akka seenaa himuu, sirbuu, shubbisuu, hibbifachuufi baacuu akka ta'an ibsanii jiru.

Itti dabalees, Asafaa, (2015:17) akka ibsetti, ''Ogafaan maankuusaa seenaa, duudhaa, aadaa, falaasamaa, amantii, ilaalchaa, ogumaafi siyaasaa madda yookaan mala dhalootaaf oli ittiin kaayan,'' jedha. Dabalataanis Bukenyan (1994:36) ogafaan yoo ibsu, ''Oral literature is the heart of people's ways of life.It is the very soul of their culture.As the reservoir of a peoples values, it expresses a given society's world view and gives them a spring board from which their day-to-day existence is propelled" jedha. Yaada barreessitoota kanneen irraa kan hubannu, ogafaan mankuusa jiruufi jireenya, aadaa, ilaalcha addunyaaf hawaasni tokko qabu kan ittiin calaqqisiisu ta'uu isaati.

Okpewho (1992) akka eerettis, ogafaan gooroowwan kanneen akka hibboowwanii, taphootaa, mammaaksota, faaruuwwanii, tabaalliiwwanii, sirbootaafi seeneffamoota ofjalatti haammata. Gooroowwan ogafaan Okpewhon eere kunniin uummata Oromoo birattis daran beekamoofi bal'inaan kan itti dhimma ba'amanidha. Fakkeenyaaf, durduriiwwan, hibboowwan, mammaaksonni, sirboonni, geerarsoonni garaagaraa, ragamtaawwaniifi seenduriiwwan jireenya guyyuu Oromoo keessatti bakka guddaa qabu.

Akkuma duraan ibsame, sirbi gosoota ogafaanii keessaa isa tokkodha. Sirbi gosootaogafaan Oromoo keessaa isa tokko ta'ee, akkuma ogafaan biroo waan yaada yookiin miira ofitti dhufe kanneen akka duudhaa, eenyummaa, aadaa, siyaasaafi falaasama hawaasaa of keessaa baasanii karaa ittiin ibsatanidha. Sirbi amala miidhaginaa kan qabuufi ergaa wayii dabarfachuuf kan sirbamudha. Waa'ee sirbaa ilaalchisee, Richard (1992) akka ibsetti, afwalaloon sirbaa jechoota gabaabaan kan weeddifamaniifi ijaarsa barreeffama ifaa akkasumas gabaabaa ta'een toora tooraan hiramuuun, yeedaloo kan ofkeessaa qabudha. Yaadni kun kan ibsu sirbi afwalaaloo gabaabaatiin kan qindaa'uufi ijaarsa barreeffama ifaafi gabaabaa ta'een kan dhihaatu ta'uu isaati.

Dabalataan, sirbi gosoota ogafaanii keessaa tokko ta'ee, sochii qaamaan, walaloofi yeedaloon sagaleeffamee hurruubummaan kan dhihaatudha.Finnegan (1970) sirba haala walaloofi sochii qaamaa kan dhihaatudha. Sirbi qofaa waan hinsirbamneef, qaamolee hawaasaa garaagaraatu qooda keessatti fudhata. Namni tokko yeroo weeddisu kanneen biraa immoo jalaa qabuun

hurruubsu. Kanaaf, sirbi walharkaa fuudhinsa namoota hedduun raawwatama. Okpewho (1992) sirbi amaloota kanneen akka garee yookiin nama dhuunfaa faarsuu keessaa dhufe. Kunis meeshaalee adda addaa fayyadamamu taasifama. Ergaan sirboonni dabarsanis kanneen akka faaruu, qeeqaa, siyaasaafi hawaasdinagdeedha. Yaanni namoota kanneenii sirbi walaloo, yeedaloofi sochii qaamaa akka qabu ibsa. Itti dabalees, qaamoleen hawaasa garaagaraa waljalaa qabuun kan sirbamudha malee qofaa akka hinsirbamne ergaa jedhu ofkeessaa qaba.

Kaayyoo qorannoo kanaa gosoota sirboota keessaa tokko kan ta'e, ergaa sirba geelloo xiinxaluudha. Kanaaf, sirbi geelloo akkuma sirboota biroo hawaasni dhimmoota isaa karaa ittiin dabarfatudha. Sirbi geelloo kan dargaggessan sirbamu ta'ee, irra jireessaan dargaggeessi durba jaallate kan ittiin garaa laafiffachuuf weellisudha. Asafaa , (2009) yaada kana deeggaruu, sirbi geelloo gosoota sirboota keessaa ta'ee, uummata biratti isa baay'ee beekamaafi bakka guddaa qabudha. Akkasumas, aadaa Oromoo keessatti faayidaalee hedduu qaba. Isaan keessaa muraasni: aadaa hawaasaa, seera, duudhaafi haala jireenyaa nama barsiisa. Kunis sirbi geelloo bifa nama taphachiisuun/nama bashannansiisuun qalbii namaa keessa galee ofitti nama harkisuun yookiin dadammaksuun yaada nama tokkoo kan namaaf ibsudha.

Bukenyaan (1994, f. 11) akka ibsetti, "Love song is among the known focklore of Oromo's culture having significant place in a culture and great contribution for the development of the Oromos" jechuun ibsee jira. Kana jechuunis, sirbi jaalalaa (geelloon) gosoota ogafaan Oromoo keessaa isa beekamaafi bakka guddaa kan qabu ta'uu isaa kan ibsudha. Akkasumas, aadaa Oromoo keessatti faayidaa guddaa qaba. Itti dabalees, ergaawwan jaalalaafi jibbaa, hawaasummaa, siyaasaafi qeeqaa of keessaa qaba. Kanuma bu'uura godhachuun qorannoon sirba geelloo haala kamiin yoomessa, ergaafi faayidaa hawaasichaaf kennu xiinxaluurratti kaayyeffata.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Biyyoonni Afrikaa ogafaan isaanitti fayyadamuun dhimma isaanii (jaalala, gadda, gammachuufi hawwii) ibsachuu irratti hedduu beekamu. Fekade (2001) qorannoo beekumtaa Afrikaa ilaachisuun akka ibsetti, gooroowwan beekumtaa qorattoota lammii Itoophiyaan bal'inaan qoratamuu kan eegalan baroota 1970'ootaa keessadha. Qorannoowwan geggeeffamanis, fakkeenyaaf, gooroowwan ogafaanii kanneen akka afwalaloowwaniifi afseenaawwanii

hawaasummaa ijaaruu, aadaa hawaasaa tiksuu, akkasumas, siyaasaafi dinagdee keessatti shoora guddaa kan taphatan ta'uu barreessan kun ibseera.

Uummanni Oromoo Aanaa Giddaa Ayyaana geellootti fayyadamuun dhimma isaa ibsachuutti hedduu beekamu. Haa ta'u malee, sababoota dhiibbaa siyaasaa, amatiifi tekinoloojii irraan kan ka'e sirba geellootti fayyadamee dhimmoota isaanii ibsachuun laafee jira. Asaffaa (2009, f: 27) "ogafaan seenaa hawwaasa tokkoo keessatti haalli geeddaramsa jiruufi jireenyaa, dhiibbaan saayinsiifi teekinooloojii, siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa irratti mul'achuu danda'a. Sababa kanaan, hawwaasni aadaa mataasaa dhiisee kan biroo faana dhahuu jalqabee jira," jechuun ibsa. Kanaaf, dhaloota haaraaf, ergaa, afwalaloo sirba geelloo qoratanii olkaa'uun ka'umsa qorannoo kanaati.

Inni biraan, mata duree kanarratti qorannoo kana akka geeggessuuf waantonni qorataa kakaasan qorannoowwan namoonni mata duree sirbaarratti geggeessanidha. Inni jalqabaa, Yeneenesh Saamu'eel (2010) mata dureen qorannoo, 'Qaaccessa sirba arrabsoo shamarranii Godina Wallaggaa Bahaa' jedhurratti qorannoo geggeessitee jirti. Xiyyeeffannaan qorannichaa qaaccessa ergaa arrabsoo dubara heerumtuu irratti. Qorannoon kun sirboota gaa'elaa keessaa afwalaloo arrabsoo xiinxaluu qofaarratti xiyyeeffate. Afwalaoon sirba geelloo immoo bakka Sirbi yeroo gaa'elaa weeddifamuttis ni sirbama. Kanaaf, gama afwalaloo geelloon qaawwa hafe duchuuf, ergaa afwalalichaa xiinxaluun qaawwa hafe cufuun barbaachisaadha.

Inni lammataa, Misgaanee Bayyanaa (2019)ti. Mata duree hojii ishee 'Xiinxala Faayidaa Sirba Jaalalaa: Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Horroo Bulluqirratti Xiyyeeffate' kan jedhu ture. Qorannoon ishee irra jireessaan faayidalee sirba jaalalaa dargaggootaaf qabu qorachuu irratti xiyyeeffatte. Ergaa Sirbi Jaalalaa hawaasa Oromoo maraaf qabu haala gaariin qorattee hinibsene. Kanaaf, qorannoon kun ergaa afwalaloo sirbi geelloo dabarsu xiinxaluun qaawwa isheen hambifte duuchuuf qoratama.

Kanuma bu'uura godhachuun qorannoon kun gaaffilee asiin gadii ni deebisa jedhamee yaadama.

I. Qabiyyeewwan afwalaloo sirba geelloo Oromoo maal fa'i?
II. Afwalaoon sirba geelloo Oromoo ergaa akkamii qabu?
III. Faayidaalee afwalaloon geelloo Oromoo hawaasichaaf qabu maali?

## 1.3. Kaayyolee Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa ergaa afwalaloo sirba geelloo Oromoo Aanaa Giddaa Ayyaanaa xiinxaluudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa kanneen asiin gadiiti.

1. Qabiyyeewwan afwalaloon sirbi geelloo Oromoo qabu ibsuu.
2. Ergaawwan afwalaoon sirboota geelloo Oromoo qaban xiinxaluu.
3. Faayidaalee afwalaloowwan sirbootni geelloo Oromoo hawaasichaaf qaban addeessuu.

## 1.4.Daangaa Qorannichaa

Qorannoon Kun mata-duree ergaa afwalaloo sirba geelloo xiinxaluurratti daangeffama. Gama bakka qorannoonis immoo,Naannoo Oromiyaa Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Giddaa Ayyaanaarratti daangeffama. Sababiin, qorataan Aanaa Giddaa Ayyaanairratti xiyyeeffateefis, Yeroo tokkotti bakka garaa garaafi mata duree adda addaa irratti qorannoo gaggeessuun ulfaataa fi dadhabsiisaa waan taheefidha. Kanaafuu, Aanaa kanaafi mata duree kanarratti daangeffameera.

### 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoo qoratamee tokko bu'aa adda addaa qaba. kanaafuu, qorannoo kun qaamolee itti aananii jiraniif fayyada.

- Hawaasni Oromoo sadarkaa garaagaraarra jiran waraqaa kana mana kitaabaafi sararaa (online) yoo Yuunvarsiitiin Jimmaa gadi dhiise dubbisuun ergaa afwalaloo geelloo qaburraa hubatu. Kanaaf, sirboota Afaan Oromoo yeroo dhaggeeffatan xiinxalanii ergaa isaa hubachaa akka deemaniif garagara.

- Qaamoleen sirna barnoota Afaan Oromoo qopheessaniif, cicaata kenna. Kunis ergaawwan sirba geelloo qorannoo kanarraa hubachuun, sirbicha sirna barnootaa keessatti fayyadamu.
- Namoota gara fuula duratti dhimma mata duree kanaan walqabatuun hojii hojjechuu barbaadaniif ka'umsa gaarii ta'a.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo tokko keessatti hanqinaaleen qorataa mudatan ni jiraatu. Isaanis, yeroon qorannoo kanaa hojii idilee faana waan ta'eef hanqinni yeroo, gorsa irraa fagaachuufi rakkoon maallaqaa mudateera. Akkasumas, bakki hojiin idilee qorataa baadiyyaa waan ta'eef kitaabolee wabii gahaa ta'e argachuu dhabu,Kana malees, mataduree kana ilaalchisee yeroo ragaa sassaabadhu geejjibaafi namootan barbaadu yerootti argachuu dhabuufi haala nageenyaan wajiin walqabsiisee odeeffannoo hawaasa keessaa yeroo funaannatu dhabuufi qorannoo mataduree kana irratti hojjetame ka'umsaaf dhabamuudha. Afwalaloo sirba geelloo kanaaf yeroo qorannichi adeemsifamutti namoota waa'ee sirba geelloo gadifageenyaan beekan hawaasa keessatti lakkoofsi isaanii xiqqacha deemuu. Yeroon daawwanna geeggessu sirbi geelloo waljaala qabuun akka durii tartiiba isa eege hojiirra oola hinjiru.

Hanqinoota armaan olitti ibsamaniif galma ga'iinsa qorannichaa waan gufachisaniif furmaata kennuun barbaachisadha. Hanqina kitaaba wabii ilaalchisee qorataan yeroo boqonnaa isa gara magaalaafi yuunivarsitii deemuun kitaabolee adda addaa mana kitaabaatii dubbisuu. Gama qarshii immoo miindaa ji'an argadhu qusannoon fayyadamuudha. Kana malees, yeroo ragaan sassaabamu odeeffannoo harca'ee hafe nuffii tokko malee irra deebi'ee funaaneera. Rakkoo gama haala nageenyaan jiru immoo wayita haalli nageenya tasgabaa'uu hordofuun odeeffannoo sassaabachudhani. Akkan daawwannaarra hubadhetti rakkoon yeroo ammaa dhiibbaan saayinsiifi teekinooloojii fi siyaasaa liqifamaa jiru rakkoo isa qabatama waan ta'eef kan irratti qorannoon gadfageenya osoo geggeeffame gaariidha.

### 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Waraqaan qorannoo kana kutaa shanitti qoodame. Boqonnaa tokko keessatti seenduubee, ka'umsa, gaaffilee qorannoo, kaayyoo, daangaa, hanqinaa, barbaachisummaafi seenduubee Oromoo Giddaa ofkeessatti hammata. kutaa lammataa sakatta'a barruulee walfakkaataniifi

sakatta'a hojiilee qorannoo namoonni biroo hojjeta of keessatti hammata. Boqonnaan sadaffaaa immoo malleen qorannichaa ofkeessaa qaba. Boqonnaa afur keessatti ragaalee qaorannichaa karaalee garaagaraa funaanamntuu xiinxalamee jira. Boqonnaa dhumaa keessatti cuunfaa, xumurafi yaada furmaata (yaboo) qorannichaatuu ibsamee jira.

### 1.8. Seenduubee Bakka Qorannichaa

Bakki qorannoon kun irratti adeemsifamu Aanaa Giddaa Ayyaanaati. Aanaan Giddaa Ayyaanaa aanolee Goodina Wallaggaa Bahaa keessaa tokko yoo taatu, magaalaa guddittii Oromiyaa Finfinneerraa kiiloo metira 442, Maagaalaa guddittii Godina Wallaggaa Bahaa Naqamterraa immoo kiiloo metira 112 fagaattee argamti. Gosoonni Maccaa aanaa kana keessa jiraataniis Jaawwii Maccaati. Aanaan kun bara 1807 A.L.H maqaa haadha manaa nama maqaan isaa Kumsaa Odaa jedhamuun moggaaffamte. Maqaan haadha manaa isaa aanaan kun ittiin moggafamtees Ayyaanee Gooroo jedhamti turte.

Kumsaan haadha manaa biraallee kan qabu yoo ta'u, Ayyaaneen garuu hadha manaa isaa ishee angafa turte. Ayyaaneen dhala hinqabdu turte. Gaaf tokko gara abbiyyuu ishee deemtee “Baabbaa akka Waaqayyoo dhala naaf kennuuf mee Waaqayyoon naaf kadhadhaa” jettee itti himatte. Abbiyyuun ishees deebiseefii “Egetanaallee (kanaa boodallee) dhala godhachuu hindandeessu, garuu kan ati ittiin bara baraaf waamamtu siifan kenna jedhee maqaa isheen lafa gabaa “Gabaa Ayyaanaa” jedhamu, har'a bakka beekamaafi gabaa beekamaa ta'ee jiru kana mogaase. Yeroo sanatti immoo gabaan kan inni argamuu Billoo Bosheefi Waastitti qofa ture (maanguddoota naannoo irraa).

Uummanni aannichaas baayyinaan hordoftoota amantaa Kiristaanaa (Ortodoksii, Pirootistaantii, Adiventistii, Kaatolikii), Waaqeffataafi hordoftoota amantaa Musliimaadha. Qoratichi ragaa qabatamaa qorannoon deggerame dhibbentaa tokkoo tokkoo hordoftoota amantaalee kanneenii ibsu garuu argachuu hindandeenye. Qoratichis daawwannaa taasiseen hordoftoonni amantaalee kanneenii aanicha keessa jiraachuu garuu mirkaneeffatee jira.


Lakkoofsi uummmattoota Itoophiyaa bara 2007 taasifame akka ibsetti, baayyinni uummata aanaa Giddaa Ayaanaa (Aanaa Kiramuu irraa cittee jirtu har'a dabalatee) 158,635 yommuu ta'u, kana keessaas dhiirri 79,878 dhalaan immoo 78,757dha (maddi: 2007 Population and Housing Census of Ethiopia: Results of Oromia Region Vol. 1).

Aanaan kun gaaraafi sulula Dichoo kan bara 2005niin dura bosona dinqisiisaan uwifamee ture, amma garuu bosonni isaa kun baayyee haphatee kan ofkeessaa qabduufi ittiin beekamtudha. Lageen akka Waraabessaa, Waajjaa, Waraabuufi ciniinaanis kanneen isheen ofkeessaa qabduufi ittiin beekamtudha. Guutummaa bal'ina lafa aannaa kanaa keessaa %65.7 lafa qonnaa, %22.8 immoo lafa dheedisaa, %8.7 bosonaan kan uwiffame yoo ta'u, %2.8 hafte immoo kan itti dhimma hinbahamne (unusable)dha (Waajjira Bulchiinsa Aanaa Giddaa Ayyaanaa).

Haalli qileensa aannichaas baddaa, badda dareefi gammoojjii yommuu ta'u, haalli jiruufi jireenya hawaasa ishee immoo qonnaan bulaadha. Omishaaleen aanaan kun ittiin beekamtu isaan gurguddoonis kanneen akka: xaafii, boqqolloo, saalixa, nuugii, misingaa, buna, daagujjaa, boloqqee, garbuufi qamadiidha (Waajjira Bulchiinsa Aanaa Giddaa Ayyaanaa).

Aanaan Giddaa Ayyaanaa Kaabaan Naannoo Amaaraan, Kibbaan Guutoo Giddaan, Bahaan Aannaa Kiramuufi Horroo Guduruu Wallaggaafi Lixaan immoo Aanaa Ebantuufi Limmuun dangeffamtee jirti. Aanaan kun gandoota 27 (gandoota baadiyyaa 24fi gandoota magaalaa 3) ofjalaas qabdi. Magaalaan giddugala bulchiinsa ishee ta'uun tajaajiltu immoo magaalaa Ayyaanaadha *(maddi: Waajjira Bulchiinsa Aanaa Giddaa Ayyaanaa)*. Kanas kaartaa asiin gadiirraa ibsamee jira.

### 1.8.1 Kaartaa Aanaa Giddaa Ayyaanaa





Fakkii 1:Maappii Aanaa Giddaa Ayyaanaa (*maddi: Wajjira Bulchiinsa Aanaa Giddaa Ayyaanaa*)

### 1.8.2. Hidda Latiinsaa

Oromoon hundee tokkichummaa uummata isaa ganamaa irraa eegalee walhoree guddachaafi lataa deemuudhaan sadarkaa sabummaa ammaa irra jiru irra gahee jira. Latiinsi ykn damee Oromoo gurguddoo ta'an keessaa Macci isa tokkodha. Haaluma kanaan "Macca" jechuun uummata baay'ee bal'inaafi hedduumina qabu jechuudha. Yeroo ammaa kanas Oromoon maccaa keessattu shawaa Lixaa, Shawaa Kibbaa, Kibba Lixa shawaa, Jimmaa, Illu Abbaa Booraa, Wallaggaa Bahaa, Wallaggaa Lixaa, Horroo Guduruu Wallaggaa akkasumas Wanbaraafi Goojjam keessatti bal'inaan qubatee jiraata. Walumaagalatti Wallaggaa Bahaa, Horroo Guduruu Wallaggaa fi Wallaggaa Lixaa keessaa bal'inaan qubatanii jiraataa kan jiraachaa jiru; Ilmaan Jaawwii kaneen akka Jiddaa,Limmuu, Guduruu, Leeqaa Eebantuu k.k.f nidha. Gosoonni Oromoo kanneen akka: Yannaa, Hoommaa,Bulbuloo, Abebbee,Halelluu, Dimmaa,Bidaaruu, Amuumaa, Mannii, Guutoo Indiiboo, wayyuu fi Billii ilmaan jiddaa keessaa isaan gurguddoodha.

Hiddi latiinsa Jiddaa jaarraa 16ffaa booda Maccaa irraa kan fottoqan yoo ta'an illee bakka armaan olitti heeraman qubataniiru. Haaluma kanan "jiddaa" jechuun akka ragaalee maanguddooleefi afoolli uummatichaa akka mul'isutti maqaa namaati malee maqaa lafaatiin kan moggaafame miti.

**Latiinsa Jaawwii Maccaa**




(WATAG A, 2000: 5-6)

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUUWWAN FIROOMANII

Boqonnaan kana keessatti yaadni beektotaafi qorattoota beekumtaa garaagaraa hojiin isaan gooroowwan beekumtaa irratti dalagan sakatta’amuun dhihaatu. Sakatta’i taasifame kunis kitaabilee garaagaraa, qorannoowwaniifi joornaalota adda addaadha. Barbaachisummaan kutaa kanaas dalagaalee darbaniifi qorannoo kana gidduu garaagarummaa jiru kan ibsu, akkasumas, qorannoo kana kan utubuufi jabeessudha.

## 2.1. Beekumtaa

Qu’annoon seenaa beekumtaa akka ibsutti, beekumtaan maqaa ittiin har’a waamamaa jiru ‘folklore’ jedhu kana argachuun dura garee jalqabdoota qu’annoo beekumtaa beektonni ta’an Johan Gottfried Von Herder, Jacob Grimm fi Wilhelm Grimm qu’annaa amalaafi itti fayyadama jechootaa (philology) jedhanii waamaa turan (Dorson, 1972). Beekumtaa qu’achuurratti beektonni bobba’anis beektota dirree hojii garaagaraa keessa jiran yoo ta’u, fakkeenyaaf, beektota ogbarruu biratti ogbarruu, beektota xiinsanyii biratti aadaa, beektota seenaa biratti immoo seenaa jedhamuun fudhatama (Coffin, 1968).

Qorattoonni beekumtaa Amerikaa immoo beekumtaan dirree hojii garee hawaasa tokkoo kan qu’atu ta’uu ibsu. Gareewwan kunis kan umurii, kan hojii, kan naannoo jireenyaafi kan sabummaa ta’uu danda’a. Kunis kan inni agarsiisu qu’annoo beekumtaa jechuun qu’annoo garee hawaasa itti dhimma ba’u sanaa karaa aad-hawaasummaafi falaasama ilma namaa ta’uusaati (Paredes, 1968).

Green (1997) akka ibsetti, beekumtaan qu’annoo dandeettii waa uumuu dhala namaa galumsasaa keessatti qabudha. Beekumtaan makaa kalaqa dhuunfaafi qajeelfama hawaasaa karaa siyaasaa yookaan karaa falaasamaati. Akkasumas, unkaa aartiin guutame ta’ee seeneffamoota garaagaraa, mammaaksota, sirboota, fayyadama jechoota maajikiifi foormuloota biroo irraa kan ijaaramaniifi afaaniin lufanidha. Dabalataanis, durduriiwwan, ragamtaalee, seenduriiwwan, waaqeffannaa, kabaja sadarkaa guddinaa, jechamoota, taphootaa aadaa, aartiiwwaniifi hojii harkaa dabalata jechuun barreessan kun ibsee jira.

Simsfi Stephens (2005) akka addeessanitti immoo beekumtaan osoo itti hinyaadiin bifa al-idilee ta’een kan baratamuufi beekumsa saayinsawwaa kan hintaane ta’ee waa’ee addunyaa keessa

jiraannuu, waa’ee ofii keenyaa, waa’ee hawaasa keenyaa, waa’ee amantaa, amantii keenyaafi waa’ee aadaa keenyaa karaa jechootaa, karaa muuziqaa, karaa gochaa, karaa amalaafi meeshaaleen kan kalaqamuun ibsamudha. Akkasumas, beekumsi beekumtaa kun nama tokkoorraa garan nama birootti yommuu darbu walitti hidhatiinsa qabaatu iyyuu kalaqiin, walqunnamtiifi hurubummaan isaa jijjiirama kan agarsiisudha.

Dorson (1972) immoo beekumtaan aadaa dhokataa gaaddisa qaroomina ammayyaa jala jiruufi jiraatudha. Finnegan (1976) akka addeessitettis, beekumtaan oguma buleessa osoo barnoonni idilee hinjalqabiiniin dura jiraachaa tureefi kalaqa hawaasaa eenyummaa hawaasasaa calaqsiisu ta’ee kan afaaniffaan daddarbaa dhufe, daddarbaa jiruufi jiraatudha.

Yaada beektota olii kana irraa hubachuun akka danda’amutti beekumtaan oguma qabiyyee bal’aa of keessaa qabu. Beektota garaagaraa birattis ija garaagaraan kan ilaalamuufi hiikamudha. Akkasumas, beekumtaan hojii kalaqaa kan dabalatu ta’uu isaa, aartii ta’uu isaa, umrii dheeraa kan qabu ta’uu isaafi eenyummaa hawaasa itti dhimma ba’uu kan bifa gadifageenya qabuun ibsu ta’uu isaa hubachuun nidanda’ama. Kanarraa ka’uun qorannoon kunis Oromoon Maccaa akkamitti weedduuwwan gaa’elaan dhimmoota hawaasummaa isaanii akka ibsatan xiinxaluu irratti xiyyeeffatee jira.

### 2.1.1. Gooroowwan Beekumtaa

Akkuma beekumtaaf hiika kennuu irratti garaagarummaan hayyoota gidduu jiru gooroowwan beekumtaa eeruufi ibsuurrattis garaagarummaan jira. Beektonni kaan unkaa isaa, kanneen biroon immoo faayidaa isaa, isaan biroon immoo amala isaa, kaan immoo unkaafi faayidaa isaa bu’uureffachuun gooroowwan beekumtaan ofjalatti haammatu eeraniifi ibsanii jiru.

Dorson (1972) unkaafi faayidaa isaanii bu’uureffachuun beekumtaa gooroowwan gurguddoo afuritti qooduun ibsee jira. Isaanis: wanta aadaa (material culture), duudhaalee hawaasaa (social folk customs), artii sochii hawaasaa (performing folk arts)fi ogafaan (oral literature)dha. Tokkoon tokkoon gooroowwan kanaas gooroowwan biroo adda addaa ofjalaatti kan qabatan ta’uu isaanii akka armaan gadiitti eeree jira.

Wanti aadaa gooroowwan beekumtaa keessaa isa tokkodha. Wantoota wanta aadaa jedhaman: ijaarsa manaa, aadaa hojii harkaa, faayaa, uffata aadaa, nyaata aadaa, aadaa bareedina mana

keessaafi aadaa taa'umsa faadha. Duudhaaleen hawaasaa immoo kabaja sadarkaa guddinaa (rites of passage), feeshitaawwan (festivals) yookaan kabaja ayyaanaa, dhahaa yookaaan lakkoofsa baraa (calendar), qorichaa aadaa (folk medicine)fi ta'iinsota nyaataa (food events) ofjalaatti qabata. Artiin sochii hawaasaa immoo shubbisa hawaasaa (folk dance), diraamaa hawaasaa (folk drama)fi muuziqaa hawaasaa (folk music) kan haammatudha. Ogafaan immoo afseenaawwan, afwalaloowwaniifi qareeyyiitti qoodame jira (Dorson, 1972).

Simsfi Stephens (2005) immoo, amalaafi akkaataa dhiheenya beekumtaa irratti hundaa'uun beekumtaa gooroowwan bu'uuraa sadiitti qoodanii jiru. Isaanis seeneffamoota afaanii (verbal arts), wanta aadaafi duudhaaleedha. Hirtoowwan isaanii kana keessatti inni isaan seeneffamoota afaaniffaa jedhan kunis isa Dorson (1972) immoo afoola jedhe yommuu ta'u, gooroowwan kaan garuu hirtoowwan Dorson wajjin tokkodha. Kan Dorson artii sochii hawaasaa jechuun addaan baasee akka gooroo tokkootti eere immoo hirtoowwan kaan keessa rabsuun ramadanii jiru. Kunis muuziqaa seeneffamoota afaanii jalatti; meeshaalee muuziqaan ittiin taphatamu immoo wanta aadaa jalatti ramadanii jiru.

### 2.1.2. Yaadrimee Ogafaanii

Namoonni tokko tokko akka waan yaad-rimeen isaanii tokko ta'eetti fudhachuun beekumtaafi ogafaan waljijijjiiruun (interchangeably) itti gargaaramu. Haata'u malee, ogafaan gooroowwan beekumtaa keessaa isa tokkodha (Bascom, 1965; Dorson, 1972; Okpewho, 1992). Okpewho (1992) akka ibsettis, ogafaan gooroowwan garaagaraa kanneen akka hibboowwanii, taphootaa, sirbootaa, mammaaksotaa, faaruuwwanii, seeneffamootaafi kanneen biroo kan ofjalatti haammatudha. Gooroowwan kun hawaasa Oromoo birattis beekamoodha. Fakkeenyaaf, hibboo, mammaaksa, durdurii, qoosaa, sirboota garaagaraa (sirboota jaalalaa, sirboota siyaasaa), geerarsa, arrabqareeyyii, seendurii, ragamtaafi kanneen biroo afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbuun jireenya guyyaa Oromootiin hidhataafi bakka guddaa qabu.

Norton (1987) akka ibsetti, ogafaan aadaa jireenya hawaasa addunyaa kanaa ibsuu keessatti shoora olaanaa taphata. Fakkeenyaaf, ogafaan gabaasa wantoota dhugaan guutamanii ta'ee, kan baroota darban keessa raawwatamanidha. Akkasumas, amanamanii kan fudhatamaniifi bu'uura ogbarruu barreeffamaati. Sababiin isaas, osoo ogbarruun barreeffamaa hindhufiiniin dura ogafaan oguma jiruufi ture waan ta'eefidha. Ogafaan yeroo tokko tokko aartii afaanii (verbal

art) yookaan ogbarruu ibsaa (expressive literature) jedhamees waamama (Dorson, 1972). Akkasumas, Okpewho, (1992) ogafaan ogbarruu barsiifataa (traditional literature), ogbarruu hawaasaa (folk literature), ogbarruu abba dhabeessaafi ogbarruu afaaniI (orature) jedhamuunis namoota baayyeen dhimma itti ba'ama jechuun ibsa. Kanaafuu, akkuma beekumtaaf hiika dhaabbataa ta'e tokko kennuufiin rakkisaa ta'e, ogafaanis hiika dhaabbataa ta'eefi hayyootaan irratti waliif galame kennuun rakkisaadha.

Afrikaa keessatti ogafaan dhimmoota dhabbatoof kan hawaasni itti dhimma bahudha. Faayidaa ogbarruun barreeffamaa kennus nikennu. Faayidaa miraa miidhagina (bashannansiisuu) namatti dhaga'amuu kennuurra darbee, barsiisuuf, tokkummaa uumuufi waliigaltee cimsuuf, yaada ofii ibsachuuf, safuufi duudhaa eegsisuuf, to'achuuf, sirreessuufi kan kana fakkaatan hawaasa sanaaf kenna (Afolabi, 2004).

Haaluma walfakkaatuun, dhalli namaa osoo akka hammaa kana barreeffaman hinbadhaafamiin aadaa, safuu, haala jireenya isaa walii gala afaanii kuusee walii dabarsaa ture. Yeroo adda addaa kan bashannanaas ta'ee, kan waa walbarsiisus afaaniin gaggeeffamaa ture. Sumner (1996), ogafaan dhimmoota jiruufi jireenya keessatti keessa lufe walii dabarsuu irratti maloota adda addaatti dhimma bahaa tureera. Isa seeneffamu seenessuun isa sochii barbaaredu ammoo, akkaataa tolutti sochiidhaan agarsiisaa walbarsiisaafi walirraas barata tureera. Har'as yoo ta'e addunyaan kun hundinuu barreeffamatti fayyadamaa jiru jechuun rakkisaadha. Keessattuu biyyoota akka Afrikaa yoo fudhanne har'a illee gaheen afaaniin waa waliif dabarsuuf cimaadha.

Kanamalees, Ogafaan kuusaa beekkumsaa, muuxannoofi mudannoo dhala namaa afaaniifi gochaan dhalootaa dhalootatti kan dabarsuudha. Qabiyyeewwan ogafaan keessatti dhiyaatan gamisni tokko afaaniin yemmuu dabru gamisni biraa sochii feesisa. Karaa biraatiin yeroo tokko tokko ammoo, afaaniifi sochiis walfaana fayyadamuun dhihaachuu kan danda'uudha. Haala kanaan ogafaan hojii kalaqaa sammuu hawaasaa afaaniini ta'ee gochaan labataa labatatti daddarbaa kan dhufeedha. Hayyootni akka Finnegan (1970), Dorson (1972)fi Bukenya (1994) ammoo, uunkaa isaa caalaa haala ogafaan ittiin darbu irratti xiyyeeffachuun, ogafaan hojii kalaqaa aadaa hawaasaa haala miidhaagina qabuun afaaniin dhalootaa dhalootatti dabarsuudha jedhu. Akka hayyoota kanaatti, ogafaan ogbarruu irraa adda baasuuf afaanitti haa xiyyeeffatan malee kanneen gocha barbaadanis akka jiran irraanfatamuu hinqabu.

Walumaagalatti, yaada asiin olii irraa, Ogafaan ogummaa waa kalaquu kan calaqisiisu waan ta'eef, haala holooloonis ta'ee haala walaloon dhihaachuu danda'a. Haala dhihaannaa isaa kunis muuxannoo jechootaan walqabsiisuu kan hordofuudha. Amalli isaas dubbii afaanii isa kaan biroo irraa miidhagaan kan yaadni ittiin ibsamuudha. Osoo hingeeddariin irra deddeebi'amuun yoo hurubamu kan nama hin nufisiifinedha. Sababiin isaas jiruufi jireenya hawaasa tokko keessatti yeroo ta'e tokko keessa aadaa hawaasa tokkoo kan ibsu yookiin kan calaqisiisuufi namoonni dhageeffatan haalota garaagaraa keessa seenanii yaadaan akka fudhataman isaan taasisa. Ogafaan eessaa dhuftee jireenya hawaasa tokkooti. Waan kana ta'eef, adeemsa jireenya hawaasummaa guyyaa gara guyyaatti dhimmoota kallatti bal'aan hubataman kan ittiin agarsiifamanidha.

### 2.1.3. Gooroowwan Ogafaanii

Ogafaan akkaataa dhiyaannaafi uunkaa isaa irratti hundaa'uun bakka gurduddoo saditti qoodamu. Isaanis Seenessoo afaanii, uunka gabaaboofi afwalaloo jedhamu (Okopwho 1992).Haaluma walfakkaatuu, Finnegan (1970, f: 114), Sims fi Stephens (2005) ogafaan qoqqooduun isa tokko kanneen biroorraa adda baasaanii qo'achuuf, hiikuuf, fayyada. Haa ta'u malee, qoqqooddiin geggeeffamaa ture; har'as jiru akkuma xiyyeeffannoo dirree bobbaa'aniitti malee qoqqooddii saayinsawaa ta'e hundeessuu hindandenye. Kanaaf, ogafaan bakka sadiitti qooduu. Isaanis seenessoo afaanii, unkaa gaggababboofi afwalaloodha. Schoemaker (1990) akka ibsetti, seenessooon afaanii ogumaalee afaaniin lufan ta'anii kan himaman, taphataman, sirbaman, shubbisaman, hurubamaniifi karaalee biroo garaagaraa hojiirra oolanidha. Gooroowwan bu'uuraa seenessoon ofjalatti qabatu durduriiwwan, ragamtaalee, seenduriiwwan, seenaawwan, diraamaawwan, siniimaawwan, oduuwwan, haasoowwan gaggabaaboofi tabaliiaawwaniidha. Gosoota ogafaanii keessaa unkaawwan kan bifa seenessoofi afwalaloo kan dhiyaachuu kan ta'ee, ergaa siyaasaa, dinagdee, eenyummaa, aadaa, duudhaafi hawaasummaa of keessaa qaba. Qorannoon kun gosoota ogafaanii keessaa afwalaloo keessatti argama. Kanaaf, dhimmoonni afwalaloo waliin walqabatan itti aananii dhihaatu.

#### 2.1.3.1. Afwalaloo

Hawaasni Oromoo akkuma muuxannoowwan isa seenessuun waliif dabarsaa ture, dhimmoota isaa afwalalootti fayyadamuun waliif dabarsa turan. Haaluma kanaan afwalaloon gosoota

ogafaanii keessaa tokko ta'ee, waa'ee hawaasaa of keessatti qabatee afaaniin dhaloota haaraaf dabarsa. Afwalaloofi seenessoon afaanii, akkaataa lufummaa isaaniitiin kan walfakkaatan yoo ta'u, uunkaa isaaniitiin ammoo adda addadha. Seenessoon afaanii bifa hololootiin kan dhiyaatu yoo ta'u, ogafaan afwalaloo ammoo, bifa walalootiin dhiyaata. Kanaaf, hojiiwwan ogafaanii afwalaloo bifa sagalee muuziqaa kanneen qabaniifi kan mana rukutan of keessatti hammata jechuudha. Yaada kana deeggaruun, Finnegan (1977) afwalaloon sammuu keessatti kalaqamee dhimmoota hawaasummaa karaa hedduun kan ibsudha. Dhimmoota hawaasummaa kanneen jedhaman dinagdee, eenyummaa, siyaasa, falaasama, duudhaa, aadaa, seenaafi kkfdha.

Karaa biraa ammoo, afwalaloon barwalaloo (written poetry) irraa wanti adda isa taasisu inni guddaan afwalaloon afaaniin dhalootaa irraa gara dhalootaa kan lufu yemmuu ta'u, qabeenyummaan isaatis kanhaawaasati. Kana malees, afwalaloon yeroofi iddoodhaan, akkasumas, akkuma dandeettii nama dhihessu sanaatiin garaagarummaa mul'isu. Afwalaloon barreeffamaa ogbarruu barreeffamaa jalatti kan ramadamu yoo ta'u, qabiyyeefi unkaa garaagarummaa mul'isu, abbummaan isaatiis kan nama maqaadhaan kan beekkamudha. Ittii dabalees, mirga abbeentaa (copy right) qaba. Afwalaloon walitti qabamee barreffamuu danda'a. Garuu, ammallee hawaasa keessatti afaaniin dhalootaa gara dhalootaatti daddarbaa waan jiruuf afoolummaan isaa nihafa jechuu miti. Afwalaloowwan guddina walaloo barreeffamaa afaan tokkoof bu'uuradha (Okpewho 1992).

Afwalaloowwan Oromoo akkuma afwalaloon biyyoota biroo ergaawwan dhimmoota hawaasa of keessatti hammatee dhalootarraa, dhalootatti afaaniin dabarsu. Afwalaloon Oromoo akkuma afoola Oromoo kanneen biroo dhalootarraa dhalootatti afaaniin daddarba. Itti dabalees, afwalaloon Oromoo amala muuziqaafi yeedaloo mataa isaa qaba. Kana malees, afwalaloon Oromoo yeroo tokko tokko hurruubbiin walqabata. Kanaaf, aadaa Oromoo keessatti baay'ee jaallatamadha (Fedhasaa, 2017, f: 59).

Afwalaloon Oromoo bakka garaagaraatti qoodamu. Yaada kana cimsuun, Asafa (2011, f: 67), Fedhasaa (2013, f: 49)fi Misgaanuu (2011, f. 59) Afwalaloon Oromoo bakka gurguddoo torbatti qoodamu. Isaanis afwalaloo sirba aadaa, afwalaloo weedduu ateetee, faaruu loonii, afwalaloo geerersaa, afwalaloo tapha ijoollee, afwalaloo eebbaafi afwalaloo sirba cidhaa jedhamu. Kanneen keessaa sirbi dhimma ijoo qarataa kanaati.

### 2.1.3.2. Afwalaloo Sirbaa

Haaluma kanaan Holman (1992:449) waa'ee sirba yoo ibsu "songs are alyric poem adapted to musical expresion. Songs lyric are usually short, simple, sensuous, emotional, perhaps the most spontaneous lyrics form". Jechuun walaloo tokko faruu kan taasisu meeshaalee muuziqaan deeggaramee dhiyaachuu fi akka itti dhiyaatu akka ta'e agarsiisa.

Uummata oromoo biratti sirbi akaakuu adda addaa kan qaba. Isaanis sirba cidhaa sirbi hojii garaagaraafi sirbi jaalalaa niargamu. (Finnegan 1970) sirbi dameewwan ogafaanii bifa walalootiin dhiyaatan keessaa isa tokkodha.

Afwalaloon sirba Oromoo yommuu jennu afwalaloo haala sirbaatiin dhihaatu ta'ee, ergaawwan adda addaa of keessatti hammata. Itti dabalees, afwalaloon sirba haala raawwii (Performance)fi haala keessatti raawwatamu (Context) adda addaa qaba. Afwalaloowwan sirba kanneen jedhaman sirba ayyaanaa, sirba hojiifi sirba geelloo jedhamu (Haayiluu 1997, f: 43). Sirbi yeroo ayyaanonni garaagaraa ga'an qaamonni hawaasaa walitti dhufu sirbama. Sirni hojii ammoo, uummanni Oromoo gareedhaan hojiiwwan garaagaraa wayita hojjetu weeddisu. Kaayyoon isaas hojii sanaaf waljajjabeesuudha. Garuu, sirbi geelloo ayyaanota, cidhaafi hojii irra jireessaan qeerroofi qarreen walitti kan weeddisuun geellifatu. Gosoota sirboota kanneen keessa qorannichi sirba geelloo (jaalalaa) irratti waan xiyyeeffatuuf dhimoonni kana walqabatan asiin gaditti dhihaatu.

### 2.1.3.3. Sirba Geelloo

Fedhaasaa (2017) afwalaloowwan sirbaa hawaasni waa'ee isaa ittiin ibsatu keessaa afwalaloon sirba geelloo tokkodha.Dargaggeesi shamarraan gara laafifachuuf itti geellifata. Kanaaf, afwalaloon sirba geelloo dhimmoota hawaasa dabarsuu irratti humna cimaa qaba. Cerulli (1922) immoo, sirba geelloo sirbi geelloo dargaggeessan bakkoota jilaa, ayyaanaa, hojiifi cidhaatti sirbamudha. Dargaggoonni kunneenis jaalala shamarraniif qaban sirbichatti fayyadamuun ibsatu. Yaada kana cimsuun, ATO (1999) akka ibsetti, sirbi geelloo yeroo baay'ee qeerroowwan umurii dargaggummaa keessatti argamaniin kan geellifatamu ta'ee, shamaran itti garaa laafifachuuf kan sirbamudha. Kanaafuu, sirbi kun yeroo dargaggootan sirba.

Akka aadaa Oromootti sirbi geelloo faayidaa garaa garaa qaba. Jaarraafi Wasaneen (2008, f.69) akka ibsanitti “Sirbi geelloo faayidaalee hedduu qaba. Isaan keessaa muraasni aadaa hawaasaa, seera, jaalala, jibba, duudhaafi haala jireenyaa nama barsiisa,” jechuun ibsu. Akkuma ogafaan biroo ogafaan sirba geelloo amaloota garaagaraa qaba. kunis sana qaacceessuuf, hiikuuf, hubachuufi irra deebi’uun jechuuf yookaan himuuf nama garagaaru. Amaloota isaa keessaa kanneen daran barbaachisoofi murteessoo ta’anis hurubummaa, jijijjiiramummaa, hirmaannaa dhaggeeffattootaafi galumsa keessatti hurubamudha (Finnegan, 2012).

Barbaachisummaan ogafaanii irratti qorannoo adeemsisuun qabu keessaa tokko sona hawaasummaa hawaasa sanaa hubachuu kan nama dandeessisu ta’uu isaati (Finnegan, 2012). Anderzejewski (1985) akka ibsetti, gooroowwan ogafaan kan hawaasa kamiiyyu kan isaan calaqisiisan akkamitti akka namoonni dhuunfaan yookaan gareen hawaasa sanaa akka itti jiraatanidha. Kanaafuu, bifa kamiinuu taanaan funaanuufi galmeessuun qorachuun barbaachisaadha. Akkasumas, ogafaan qu’achuun sadarkaa xinsammuu hawaasa afoolasaa qu’ataa jiran sanaa beekuuf murteessaadha. Karaa biraan immoo maal akka namoonni yaadan, maal akka jaallataniifi jibban bifa al-kallattii ta’een beekuuf nama gargaara. Meeshaalee barnootaa qopheessuufillee qu’annoon ogafaan irratti taasifamu murteessaafi barbaachisaa ta’uu barreessan kun ibseera. Sirbi geelloos akaakuuwwan ogafaanii keessaa tokko waan ta’eef, dhimmoota asiin olitti tuqamaniif nibarbaachisa.

### 2.1.3.4. Faayidaalee Sirba Geelloo

Uummanni baay’een sirba nama gammachiisuufi bashannansiisu qofaaf kan oolu akka ta’etti ilaalu. Haa ta’u malee, sirboonni bashannansiisuu qofaaf osoo hintaane faayidaa hedduu qabaachuu isaa beektonni adda addaa ni ibsu. Kuniinis uummata barsiisu, bashannansiisu, gorsuufi qeequudha. Itti dabalees, sirbi geelloo akkuma beekumtaa biroo aadaa, duudhaa, safuu, falaasamaafi siyaasa uummata tokko ibsachuu keessatti gumacha guddaa qaba (Austin 1994). Yaada kanarraa Sirbi geelloo barsiisaafi bashannansiisaa ta’uu hubachuun nidanda’ama. Itti dabalees, sirba kun waa’ee uummata dabarsuu keessatti shoora guddaa akka qabu ibsa Austin kanarraa hubachuun danda’amee jira. Aadaa duudhaa, safuu hawaasaa, seenaafi afaan isaa, amantii isaa, ilaalchasaa, haala jiruufi jireenya isaarraa akka argamu hubatamee jira.

Dabalataanis, akka damee beekumtaa tokkootti sirbi geelloon hawaasummaa ta'e akka falaasama saba tokkootti ilaalcha isaan waliif qaban ibsa. Jireenya hawwaasummaa keessatti haamilee hojjetaa jajjabeessuu, goota jajjabeessuufi dabeessatti onnee itti uumuudhaaf sirbi geelloo qooda olaanaa qaba (Austin 1994).

Gareen uummataafi namni dhuunfaa kamiyyuu eenyummaa mataa isaanii qabu. Namoonni sirba geelloo keessatti qooda fudhatanis garee hawaasa keessaa waan baa'aniif eenyummaa ittiin beekaman kan mataa isaanii akkaataa galumsa jireenya hawaasa keessa jiraatanitti niqabu. Kana immoo sirba geellootti fayyadamuun ibsatu. Yaada kana deeggaruun Bennett, Wolin and Mcavity, (1988) akka ibsanitti, maatiin tokko haalaafi amala isaanii akkasumas yeroo keessatti haala walitti fufinsa qabun eenyummaa mataa isaanii qabu. Itti dabalees, maatiin tokko maatii biroorraa, dhaloota isaaniirraa kaasaan amalaafi sansakkaa maataa isaanii kan ittiin beekaman qabu. Sirba geellootti gargaramuun eenyummaan garee hawaasaa, maatiifi dhuunfaa ibsatu. Kanaaf, faayidaalee sirbi geelloo hawaasa isaaf qabu keessaa eenyummaa ibsuun isa tokkodha.

Sirbii geelloo akkuma eenyummaa ibsuu keessatti gahee guddaa qabu safuu uummataa kabachiisuu keessatti gumacha mataa isaa qaba. Sirbi geelloo mataa isaatiin safuu uummataa eeggatee sirbama. Oromoon abbaafi ilma gidduutti, haadhaafi intala gidduutti, xinnaafi guddaa gidduutti safuu mataa isaa qaba. Kana jechuun abbaan ofii lubbuudhaan osoo jiruu teessuma abbaa isaa irra hintaa'u; intallis bakka haadha ishee hinteessu safuudha. Itti dabalees, uummata Oromoo biratti safuun seera uumaafi uumamaa eegudha. Safuun kunis bakka garaagaraatti mul'ata. Kana hunda immoo sirba geellootti fayyadamuun ibsachuun nidanda'ama (Solanke & Ayodabo, (2017*)*. Yaada kanarraa, sirbi geelloo safuu uummataa eeggatee kan sirbamuufi safuu uummatichaa kabachisuu keessatti shoora olaanaa qaba.

Haaluma walfakkaatuun, sirbi geelloo duudhaalee hawaasaa garaagaraa ijaaru keessatti ga'ee guddaa qaba. Duudhaalee sirba geelloo keessatti ijaarama keessaa tokko duudhaa jaalalati. Jaalalli bu'aa ayyaantummaa, nagahaa, guddinaafi gammachuu waan ta'eef, qaama keenya keessatti dagaagee jira. Uumama hundaaf jaalala kennuu keenya keessatti gammachuu, nagahaa, badhaadhinaafi guddina argachuu keenyaan kan hafe miidhaan nu qaqqabu hinjiru. Kanaaf, warri jaalala qabu tokkummaa, waliigaltee, gammachuufi fedhii keessa isaanii jira (Bennett, Wolin and Mcavity, 1988). Kanaaf, sabni adda addaa duudhaa isaa irraa ka'ee akkaataa ittiin jaalala keessuumeessu kan mataa qaba. Dhuudhaa Oromoo keessattis duudhaan sirboota

garaagaraa keessatti ijaarama. Haaluma kanaan sirbi geelloo duudhaa jaalalaa dabarsuu keessatti gumacha mataasaa qaba.

Sirbi geelloo raawwiiwwan seenaa, ta'iiwwan yookaan gochaalee hawaasaa tokko keessatti raawwatamaa turan bifa walalootiin kan ibsuuf fayyadudha. Kana jechuun sabni tokko maal keessa akka jiruufi maal keessa akka darbe, aadaan, afaan, amantiin, dinagdeen, siyaasni hawaasa tokkoo akkamitti gaggeeffamaa akka ture ibsuuf, madda dhuftee saba tokkoo maal akka fakkaataa ture ibsuuf, gootummaa hawaasni karaa waraanaa, sabboonummaa, meeshaalee hawaasaa tokkoo gama aadaatiinis gama birootiin tajaajilamaa ture maal akka fakkaatu calaqqisiisuuf, tokkummaafi walitti dhufeenya hawaasni tokko qabaachaa ture dhaloota itti aanutti dabarsuuf, hacuuccaafi cunqursaa sabni tokko keesssa ture ibsuuf kan kana fakkaatan ibsuuf sirbi geelloo ga'ee guddaa qaba (Misgaanuu, 2011). Yaada Misgaanuu kanarraa, sirbi geelloo dhimmoota hawaasaa kanneen akka seenaa, siyaasa, aadaa, dhiibbaa, qeeqaafi haala jiruufi jireenya uummataa ibsuu keessatti gumacha olaanaa akka qabu hubachuun nidanda'ama.

Walumaagalatti sirbi geelloo bifa nama taphachiisuun yookaan nama bashannansiisuun qalbii namaa keessa galee ofitti nama harkisuun yookiin dadamaksuun yaada nama tokkoo kan namaaf ibsudha. Itti dabalees, sirbi geelloo duudhaa, eenyummaa, safuu, hawaas-dinagdeefi siyaasa uummata tokkoo dabarsuu keessatti gumacha olaanaa qaba.

### 2.1.4. Sakatta'a Qorannoo Aantee

Kutaa kana keessatti qorannoowwan mata dureewwa kanaa walfakkaatantuu dhihaate. Hojiiwwan namoota kanneenii dubbisuun qaawwa isaan hambisan addaan baasuun, qaawwa isaan qisan duuchuudha. Hojiiwwan namoota kanneenis itti aananii dhihaachuun tokkon tokkoo isaanii ibsamu.

Misgaanee Bayyanaa (2019)ti. Mata duree hojii ishee 'Xiinxala Faayidaa Sirba Jaalalaa: Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Horroo Bulluqirratti Xiyyeeffate' kan jedhu ture. Qorannoon ishee irra jireessaan faayidalee sirba jaalalaa dargaggootaaf qabu qorachuu irratti xiyyeeffatte. Ergaa Sirbi Jaalalaa hawaasa Oromoo maraaf qabu haala gaariin qorattee hinibsene. Kanaaf, qorannoon kun ergaa afwalaloo sirbi geelloo dabarsu xiinxaluu qaawwa isheen hambifte duuchuuf qoratama.

Inni kan biraa, Addisuu (2005)dha. Mata duree qorannichaa ‘The historical transformation of the folklore genres: the geerarsa as a national literature of the Oromo in the context of Amhara colonization in the Ethiopia’ jedhu irratti qorannoo hojjetee jira. Argannoon qorannoo isaas uummanni Oromoo jaarraa tokko oliif geerarsaan fayyadamee diddaa garbummaa warri Absiniyaa biyya Itoophiya keessatti ammoo uummata Oromoorraan gahaa turan mormii geggeessa ture. Qorannoon kun afwalaloo geerarsaan dhimmoota hawaasummaa keessaa tokko kan diddaa garbummaa fininsuu ilaala. Haa ta’u malee, afwalaloon geerarsaa dhimmoonni hawaasa kanneen akka faayidaa geerarsi hawaasaaf qabuufi qabiyyeewwan geerarsaa qoodee hinjiru. Kanaaf, qabiyyeewwan sirba geelloo qooduun akkaataa afwalaloon qabiyyeen qoodaman qorachuun qaawwa Addisuun hambise duuchuun kaayyoo qorannoo kanaati.

Haalumaa walfakkaatuun, Geremufi Hunduma (2018) ‘Oromo oral literature for environmental conservation: A study of selected facksongs in east and West Hararge zone’ mata duree jedhuurratti jornaalii maxxansanii jiru. Afwalaloon sirboota Oromoo dhimmoota uumama naannoo ibsuuf gumaacheera. Itti dabalees, qabiyyee sirboota uumama naannoo ibsan bakka afuritti qoodanii jiru. Isaanis kanneen bineensota, lageen, Haroowwaniifi mukeen faarsaniidha. Sirboonni kanniin faayidaa, gaheefi hiika garaagaraa akka qaban ibsanii jiru. Ta’us afwalaloo sirbootaa addaan qooduun hinagarsiifne. Kanaaf, qaawwa gama kanan hafee qorachuun qaawwicha guutuun hojii qarataa kanaa ta’a.

### 2.1.5. Yaadiddama Qorannichaa

Qorataan qorannoo kana keessatti yaadiddama gooroowwan beekumtaa tatajaajilaa fayyadama. Yaadiddamni tajaajilaa kunis asiin gaditti ibsama.

#### 2.1.5.1. Yaadiddama Tajaajilaa

Maddi yaadiddama faayidaa qorattoota xiinsanyii yommuu ta’u, beekumtaan akkamitti aadaa keessatti akka itti hojiirra oolurrattis kan xiyyeeffatu ture. Bascom (1965) yaadiddamni faayidaa qajeelfama bu’uuraa (major guideline) gooroowwan afwalaloo kamiiyyuu funaanuufi xiinxaluuf kan garagaarudha jedha. Sababiin isaas, kaayyoo qorannichaa bira ga’uufis ta’e, dhugaa qoratamerraa (facts discovered) cuunfaa waliigalaa kennuuf kan gargaarudha jechuun ibse. Qu’annoo beekumtaa taasisuu keessatti dhihaatinaalee amansiisoo ta’an keessaa tokkoofi inni bu’uuraa dhihaatina faayidaati. Dhihaatni faayidaa kun kan inni irratti xiyyeeffatu gaheefi

barbaachisummaa ogafaan haalaa, galumsa naannoofi daddarba aadaa (cultural heritage) hawaasaa keessatti qaburrattidha (Dorson, 1972).

Haaluma walfakkaatuun, Fileen, (2016) akka ibsetti, Yaadiddamni kun faayidaalee beekumtan jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qabu kallattii adda addaan ibsuuf xurree kan namatti fuulchudha.Yaadiddamni tajaajilaa biyya Awurooppaatti eegale qorannoo aadaa hawaasaa tokko keessatti akka calaqqeetti kan ilaalamuufi walitti dhufeenya hawaasicha sanaa daran kan cimsudha. Yaadiddamni kun adeemsa sirnootaafi ayyaanota adda addaa, faayidaa isaa, gahee meeshaaleefi afoolli hawaasichaa sochii aadaa sana keessatti qabu, akkasumas hirmaannaa hawaasaafi fedhii hawaasichi sochii aadaa isaaf qabu qorachuu keessatti gahee olaanaa qaba," jechuun ibseera.

Fekeden, (1999) Dorson (1972) wabeeffachuun akka barreessetti, Kaayyoon yaadiddama tajaajilaa inni guddaan ogafaan kan qoratamu ogummaaf qofa osoo hintaane, hawaasummaa, saayinsiifi dhaabbileen adda addaa hedduun osoo hinjijjiiramiin akka jiraataniif gargaara. Yaada hayyoota kanneen irraa wanti hubatamu, yaadiddamni kun faayidaalee gosoonni beekumtaa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qaban qorachuudhaan adda baasuuf kallattii namatti kan agarsiisudha. Kana irraa ka'uudhaan, qorataan qorannoo kana afwalaloo Oromoo afwalaloon sirba geelloo aadaa hawaasni sun dhimma bahurratti hundaa'uun faayidaalee inni hawaasichaaf qabu yaadiddama kana hordofuun xiinxalame jira.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

Boqonnaan sadeeffaan kun bakka itti adeemsifi malleen qorannicha itti dhihaatedha. Ijaarsi qorannichaa, maddeen ragaalee, iddattoofi mala iddatteessuu, meeshaaleen funaansa ragaalee, malleen ragaalee galmeessuufi barreeffamatti jijjiiruu, akkasumas, malli ragaalee xiinxalame qabxilee boqonnaa kana jalatti hammataman keessaa isaan bu’uuraadha.

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuu keessatti kallattiin raawwii qorannichaa maal akka ta’e ibsamuu qabu. Dhimmoonni qorannicha keessatti akka bu’uuraatti qabamuu maal irratti akka xiyyeeffatamuu qaban addaan baasuun beekuun qorannicha haala barbaadameen raawwachuuf gargaara. Saxaxni akkamtaa hojiirra oola. Akkasumas, ragaan namoota irraa argame jechaan ibsi itti kenname jira.

Saxaxa qorannoo ilaalchisee, Victor (2009:203) akkas jechuun ibsa. “The research design is plan of action that allows the researcher to know (to paraphrase) where they came from, where they are and where they are going”.Adeemsi Saxaxa qorannoo karoora hojii kan qoraatan beekuu qabu, kan akka eessa akka inni ka’e, eessa irra akka jiruufi eessa akka inni ga’u kan murteessudha. Yaada kana Addunyaan (2011:64) kan armaan olitti dabalee “qorannoon tokko kan murteessu, gaaffiiwwan qorannichi deebisuuf deemu, kaayyoo isaafi akaakuwwan odeeffannoo argannuti” Jechuun kaa’ee jira. Yaadota hoggeeyyii armaan olii akkuma ibsutti, saxaxni mala qorataan, qorannicha ittiin gaggeesse, akkaataa filannoo iddattootaa tooftaalee odeeffannoon ittiin guuramu maal maal akka ta’e qaaccessame.Tooftaaleen odeeffannoo funaansaaf itti fayyadames daawwannaa,afgaaffiifi marii gareedhaan. Ragaaleen funaanaman kunis, qabiyyeetti qoqqoodamuudhaan mala akkamtaatti fayyadamuun odeeffannoo qaacceff ameera.

## 3.2. Mala Akkamtaa

Malli qaaccessa qorannoo akkamtaa gaaffiiwwan maaliif? Akkamitti? Jedhuuf deebii laachuuf kan carraaquufi dhimmoota qorannichaa keessatti dhiyaatan mara jechaan kan ibsudha. Amalli namoonni yookiin waantotni yoomessa tokko keessatti agarsiisaniifi qaban maal akka fakkaatu qorachuuf dhimmamaa ta’uu isaa ibseera. (Addunya, 2011:10-13). Egaa kanuma irraa

ka'uudhaan sababni qorataan qorannoo kanaa qorannoo akkamtaa filateefis dhimma qorannoo isaa kallattiidhaan hawaasa keessa seenuun odeeffannoo barbaachisaa ta'eefi qabatamaa ta'e funaannaachuufi.

### 3.3. Madda Odeeffannoo

Qorannoo geggeessuu keessatti maddi odeeffannoo karaa lama argama.Isaanis, madda odeeffannoo jalqabaafi madda odeeffannoo lammaffaati. Maddi inni jalqabaa odeeffannoo qaama dhimmi isaa ilaallatu irraa kallattiin funaannachuun kan argamu yoo ta'u, kunis, namoota naannoo sirba geelloo irratti beekumsaafi muuxannoo qaban irratti hundaa'uun afgaafii, marii gareefi daawwannan odeeffannoo argamudha. Qorannoo tokko adeemsisuuf ragaan gahaa kan argamu madda ragaa tokkoffadha. Kanaaf, maddi odeeffannoo hawaasa Aanaa Giddaa Ayyaanaa keessaa namoota kaayyicha galmaan ga'u jedhamee amanamee madda odeeffannichaa ta'u. Kana ilaalchisee Addunyaan (2011:18) madda ragaa tokkoffaa qorataan tokko qaama dhimmi isaa ilaallatu bira dhaquun qorannoo isaa kan geggeessuudha. Odeeffannoo qorannoo sanaaf ta'u fuulaa fuulatti ragaa barbaade argata. Kanarraa ka'uun qorannoo kanaaf maddi odeeffannoo tokkoffaa filatamee hojiirra oole jira.

### 3.4. Iddattoofi Iddatteessuu

Iddatteessuun hirmaattota waliigalaa keessaa kanneen bakka bu'uu danda'an murteessuudha. Akkaataa yeroofi baajata irratti hundaa'uun baay'ina waliigalaa irraa daangaa iddattoo addaan baafachuun iddattoo bakka bu'uu murteessuudha.Mataduree kanaaf maloota mijaatoo kan ta'e mala iddatteessuu miti carraadha. Kanaafuu, mala iddattoo miti carraa ta'ee gosoota inni qabu keessaa akkayyoofi darbaan dabarsaan fayyadame. Iddattoo ilaalchisee Addunyaan (2011:65) "mala iddattoo mataduree qorannichaan walii walsimu filachuun yeroo, humna ofiifi maallaqa qusachuuf gaariidha" jedha. Iddatteessuu kaayyeeffatatti fayyadamuun namoota sirba geelloo irratti beekumsaafi muuxannoo qaban Gandoota digdamii torba keessaa Gandoota shan bakka afwalaloon geelloo keessatti geggeeffamu filate.Namoota digdamii shan irraa odeeffannoo funaanamuun Gandoota Aanaa Giddaa Ayyanaa keessa jiran keessaa ganda shan irratti geggeeffame jira.Kana malees, Gandoota Aanaa Giddaa Ayyanaa keessa jiran keessaa Ganda Qarsaa,Harbuu kennee, Gobuu Guddaa, Areeree Wajaafi Sirbaa Waddeessaa irratti geggeeffame jira.

Iddattoo filachuu ilaalchisee Dastaan (2013:132) Jroclim (2006) waabeffachuun akka ibsetti iddattoo filachuun adeemsa hawaasa tokko keessaa odeeffannoo argachuudhaaf namoota sana keessaa filachuun odeeffannoo irraa fudhachuun itti dhimma bahuudha. Sababni iddattoon kun kan filatameef irraawwatamtoota hundarraa odeeffannoo sassaabachuun waan hindanda'amneef tooftaan kun irraawwatamtoota hunda bakka ni bu'a jedhamee waan amanamefidha.

### 3.4.1. Iddetteessuu Akkayyoo

Sirbi Afwalaloo geelloo hawaasa Oromoo Giddaa Ayyanaa biratti kan beekamu yoo ta'e iyyuu beekumsa,muuxannoofi fedhiin hawaasni sirbichaaf qabu walqixa ta'uu dhiisuu ni mala.Kanaa fuu,Addunyaa (2011:67) Berg (2001) wabeeffachuun mala barbaachisummaa iddatteessuu ilaalchisee yoo ibsu qorataan tokko beekumsa dhimmichrratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u akka kaayyoo qorannichaatti eenyuun yoon filadhee odeeffannoo gahaa naaf kennuu danda'a? Jechuun qorannoo isaa galmaan gahuuf iddattoon kun filatama jechuun barreessee jira. Baay'ina waliigala keessa namoota kudha lama irraa oddeeffannoon funaanameera.

### 3.4.2. Iddatteessuu Darban Dabarsaa (Iyyaaffannoo)

Iddatteessuun darbaan dabarsaa dhimma tokkorratti nama beeknu irra ka'uun nama kan biraa dhimmicha gadi fageenyan beeku iyyaaffachuun bira ga'uun odeeffannoon irraa fudhatamudha.Sababni kun filatames namoota Aanaa Giddaa Ayyanaa keessa jiraatan sirba Afwalaoo geelloo irratti beekumsa qaban hunda isaanii waanan hinbeekneefi. Kunis, odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu akka dhokate hinhafne nagargaara. Baay'in iddattoo waliigala keessaa namoota kudha sadii irraa odeeffannoon funaaname dhiyaate jira."With snowballing, the sample emerges through aprocess of reference from one person to the next" (Denscobe,2007:17). Iddattoon iyyaafannoo yookaandarban dabarsaa adeemsa keessa duukaa bu'uun kan nama tokko irraa gara itti aanutti eeruudha.

## 3.5. Tooftaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanamu

Milka'ina qorannoo tokkoof qorataan mala odeeffannoo ittiin guuramu addaan baasee beekuun barbaachisaadha. Qorataan tooftaalee kana gaditti dhimma bahuun odeeffannoo qorannichaaf ta'uu funaannateera. Isaanis, afgaafii, marii gareefi daawwannaadha.

### 3.5.1. Afgaaffii

Afgaaffiin gosoota odeeffannoon ittiin funaanamuu keessa isa tokko ta'ee kan qorataafi odeeffannoo himaan fuulleetti walarganii odeeffannoo walii kennanidha. Odeeffannoo afgaaffiiwwan funaanamuu wanti gaarii taasisuu qorataan gaaffii isa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf od-himaan gaafachuu danda'uu isaati (Dastaa, 2013:11). Karaa biroon Dastaan (2013:113) Yaalew (2006) wabeeffachuun cimina mala odeeffannoo afgaaffii funaannachuu akka armaan gaditti ibsa. ''Afgaaffiin yeroo barbaade fooyya'uu akka danda'uufi yeroo afgaaffii odeeffannoon funaannu kan afaaniin dubbatu caalaa sochii od-himtoota irraa odeeffannoo dabalataa argachuufi kan kana fakkaatuuf faayidaa cima qaba,'' jedha. Kanamalees, namoota dubbisuufi bareessuu hindandeenye yaada isaanii osoo jala hinhafiin ibsatu. Namoonni odeeffannoon irraa funaanamus lakkoofsaan namoota kudhan irraa sassaabame. Akkaataan itti filatamanis, namoota sirba geelloo irratti muuxannoofi beekumsa hawaasa keessatti qabanii, Kaayyoo irratti hunda'uun filatame.Gaafileen dhiyaatanifis gaaffilee banamoo ta'anii kan ibsa barbaadanidha.

### 3.5.2. Marii Garee

Marii garee ilaalcisee yeroo ammaa sababa adda addaan kan ka'e waltajjiin milka'aa, sirboota geelloo argachuun baay'ee rakkisaadha. Kanaafuu, waltajjii marii garee mataa ofii qopheessuun barbaachisadha. Neuman (2007:88) akka ibsutti isa namni tokko beekuu, inni biraa hinbeekuu, kan tokko dagate inni biroon itti yaadachisuu nidanda'a. Kanaafuu, odeeffannoo gahaafi amansiisaa ta'e argachuuf mala kannaan qorataan odeeffannoo kennamu dhaggeeffachuun yaadannoo qabachuufi sagalee waraabbachuuf adeemsifama.

Dastaan (2002:9) waa'ee marii garee yemmuu ibsu "Dhimma murtaa'a ta'e tokkoirratti kan qorataan hirmaattota marisiisuun argatudha''. Namoota muuxannoofi beekumsa sirba af walaloo geelloo irratti qaban garee tokko keessatti namoota jaha garee kan biroo keessatti

immoo namoota sagal hawaasa keessaa filatamaniiru.Marichis yeroo tokko tokkoofi sa'aatii lama lamaaf geggeeffama.Namoonni gaaffii marii gareen kennameef erga sirritti irratti mari'atan booda, odeeffannoo argame yaadannoo fudhachuun sassaabame. Sababni tooftaan kun filatames odeeffannoo gahaafi ifa ta'e ni kenna jedhamee amanama.

### 3.5.3. Daawwannaa

Daawwannaan tooftaa odeeffannoo funaanuuf fayyadu keessaa isa tokko yoo ta'u, tooftaa kannaan bakka qorannichaatti argamuun qabatamaan waan dalagamu irraa odeeffannoo walitti qabuudha. Tooftaa kun dhimma qorannoo kana waliin deemu yookaan qorannoo kannaan walitti dhufeenya kan qabu waan barbaadame kana itti guutamu dursee qopheessuun yookaan yaadannoo battalaa fudhachuun kallattiin ilaaluudha. Kaayyoon daawwannaa kanaa deebbii afgaaffii fi marii garee mirkaneessuudha. Waanti namni hojjetuufi waanti namni dubbatu irraa adda ta'uu ni mala. Daawwannaan immoo fudhatamaafi amansiisummaa qorannichaa dabaluu ni danda'a.Daawwannaa alaa ta'insoota keessatti osoo qooda hinfudhatiin yookaan yeroo tokko tokko hirmaachuun kan daawwatamudha. Hammersley and Atkinson (2007, f: 156) daawwannaa alaa keesstti qorataan jalqabaa hanga dhumaatti osoo hintaane, seenaa ba'uudhaan yookaan gartokkeedhaan keessatti hirmaachuun odeeffannoo barbaachisaa ta'an argachuu raawwatama jechuun ibsa. Kanuma bu'uura godhachuun, jiloota adda addaa irratti yeroo dargaggoonni sirba geelloo sirban daawwanaa alaatiin yoomessa dhugaa keessattiqabxiileecheekliistii qophaa'e irratti xiyyeeffatedaawwachuun ragaaleen qorannichaa funaanameera.

## 3.6. Mala Qaaccessa Odeeffannoo

Qorannoon kun odeeffannoo afgaaffii, marii gareefi daawwannan argame tartiiba isaanii eegachuun tarreeffamanii qaacceffaman. Dastaan (2002:10) kana jechuun ibsa, odeeffannoo yookaan ragaalee qorannoon akkamtaa qorattoonni haaluma isaanii mijateen kan deeman akka ta'e muli'sa. Kana malees, Addunyaan (2011:62-63) qaaccessa ragaa yoo ibsu malli ibsaa dhimma qoratamu sana ilaalchisee maaltu akka ta'eefi maaltuu akka ta'aa jiru addaan baasuudhaan jijjiiramoota akkuma isaan yoomessa keessatti argamanitti kan ibsudha. Mala odeeffannoon itti hiikamu keessaa mala akkamtaa (Qualitative data analysis) fayyadame.

Deebii walfakkaatan kanneen kennan yaada bu’uura fudhachuun irra deddeebii hambisuun qacceefame.

## 3.7.Naamusa Qorannichaa

Hojii qorannoo keessatti naamusni qorannoo gahee guddaa qaba. Kunis, qorannoo geggeeffamu keessatti icciittii od-himtootaa eeguun qulqullinaafi amanamummaa qabaachuun hawaasichaaf akka oolu gochuu keessatti qooda guddaa qaba. Neuman (2007:5) seeraafi tiksee karaa seera qabeessaan eeguun qorataan kun icciitii irraa qoratu eeguufi od-himtootaa isaa kabajuun odeeffannoo barbaachisaa fudhachuudha. Kanaafuu, qorataan od-himtootaaf ofibsuun barbaachisa. Akkasumas, aadaa, duuchaafi safuu od-himtootaa kabajuufi eeguun dirqama qorataa dha.

# BOQONNAA AFUR: DHIHEESSAAFI XIINXALA RAGAALEE

Qoqonnaa kana keessatti ragaalee qorannichaa Aanaa Giddaarraa meeshaalee funaansa ragaalee kanneen akka daawwannaa, afgaaffiifi marii gareetti fayyadamuun funaanamantuu dhihaachuun xiinxalame. Ragaalee kunninis akkaataa gaaffilee qorannichaa deebisuu danda'anitti mata duree sadiitti qoodamuun xiinxalame. Kutaa jalqabaa jalatti qabiyyeewwan sirboota geelloo dhihaachuun xiinxalame. Kutaa itti aanuu keessatti immoo, ergaawwan sirboota geellootu dhihaatee qaacceffama. Kutaa dhumaa keessattis ragaalee faayidaalee sirboonni geelloo hawaasichaaf qabantuu dhihaachuun ibsame.

## 4.1. Qabiyyeewwan Sirboota Geelloo

Ragaaleen qorannoo kanarraa argaman akka ibsanitti sirboonni geelloo qabiyyeewwan garaagaraa ofkeessaa qabu. Qabiyyeewwan kunnins tokko tokkoon itti aanuun xinxalamu. Kan xiinxalamanis yaadiddama tajaajilatti dhimma ba'amunidha. Sababiin isaa qabiyyee sirboota kanneenii faayidaalee hawaasaa keessatti mul'atu  addaan baasuun waan barbaachisuufi.

### 4.1.1. Jaalalaa

Sirbi geelloo sirboota qabiyyeen isaa jaalala ibsu keessaa tokko ta'uun beekama. Kanaaf, Sirboonni geelloo qabiyyee jaalala agarsiisu ofkeessaa qaba. Kana jechuun sirbi kun ergaa jaalala biyya, namaafi kanneen biroo ibsan dabarsa jechuudha. Itti dabalees, uummanni Oromoo seenaa, jaalalaafi aadaa isaa akkasumas, safuu, biyyaafi namuusa, akkaataa hawaasa waliin jireenyaa ijoollee isaa kan ittiin barsiisu keessaa tokko sirba geellooti. Kanaaf, dargaggeessiifi shamarran naannoo kanaa jiloota garaagaraarratti walitti yaa'uun jaalala walii isaaniif qaban sirba kanatti fayyadamuun ibsatu.

Ragaa bakka Taabonni ba'utti  sirbi geelloo qabiyyee jaalala akka qabu argamee kan itti aanee dhihaatudha.



Fakii 1: Aanaa Giddaatti yeroo dargaggoonni yeroo sirba geelloo sirban

1. Abbaan kee qalii qalaa
   Foon maaliif hinnyaachiftuu
   Sarbaa kee lasii kanaa
   Lasii lanbasii kanaa
   Olfuutee na baachiftuu
   Kan tukaanii nyaachiftuu
   Kan tafkii waraansiftuu.

Madda:Daawwannaa gaafa guyyaa 23/08/2013

Akka aadaa Oromootti intala jaallatan tokko haala dhaabbii ishee sirba geellootti fayyadamuun ajaa'ibsiifatu. Sababiin isaa, ragaa bo'oowwan sadaffaafi arfaffaarratti (sarbaa kee lasii kanaa, lasii lanbasii kanaa) kanneen jedhan ergaa naatoo intalli sun bareedduudha jedhu ibsa. Jechoonni lasiifi lanbasii jedhaman ergaa lallaaftuufi bareedduu jedhu dabarsu. Bo'oowwan shanaffaafi jahaaffaa sarbaa bareedaa kana tukaniifi tafkii nyaachisuurra osoo na baachistee

balaa jalaa hambistee ergaa jedhu dabarsa. Sirbi geelloo karaa ittiin dargaggeessi intala jaallate tokkoof jaalala isheef qabu ittiin ibsatudha.

Haaluma walfakkaatuun, daawwanna gaa'elaa ilmaan Giddaaf taasifameerraa arge akka ibsutti, dargaggeessi yeroo sirba geelloo jaala bultii sirna gaa'elarratti sirban daawwatamee jira. sirba kanarratti dargaggoonni shamarran jaallatan bakka cidhaa kanatti waan argatanii sirba geelloo fayyadamuun shamarran jaallataniif jaalala isaanii ibsanii jiru. Akka Oromoo Giddaatti sirbi haala kanaan sirbamu sirba geelloo jedhamee beekama. kanas dargaggeessatuu shamarran jaallatanii sirba. Sirbi armaan gadii kun naannoo kanarraa daawwannaan kan argamedha.

2. Bara abbaan kee dhibba yaasuu
   Abbaan koo jaatama yaasaa
   Yoo garaan kee jibba yaaduu
   Animmoo jaalalan yaadaa
   Manni abbaa kee Jimma keessaa
   Kan naggadeen irra yaatuu
   Jaalala keetu irra keessaa
   Kan garaan kee jibba yaaduu.

Madda: daawwanna gaa'elaa 25/08/2013

Sirbi kunis akkuma sirba tokkoffaa jalatti dhihaatee sirba dargaggeessaa ergaa jaalala dabarsudha. Ergaan sirba kana mucaan dhiiraa intala baay'ee kan jaallatu yoo ta'u, intli immoo jaalala mucichaaf qabdu irra keessa ta'uu ibsa. Bo'oon tokkoffaafi lammaffaan 'bara abbaan kee dhibba yaasuu, abbaan koo jaatama yaasaa' kanneen jedhaman ergaa sooruma maatii intalaafi mucaa waldorgomsiisu agarsiisu dabarsu. Akka ilmaan Giddaatti 'dhibba yaasuu' jechuun ergaa sooressa yookaan garaacha uffate jedhu dabarsa. Naannoo sana keessatti namni kamiyyuu horii kotte duudaa (harree, fardaafi gaangee) dabalatee baay'inni isaanii yoo dhibba guute, dhibbiisee garaacha uffatee jedhamuun beekama. Itti dabalees, 'abbaan koo jaatama yaasaa' kan jedhus abbaan koo soorumaan abbaa kee jala ga'eeraa ergaa jedhu dabarsa. Kanaaf, abbaan koos akkuma abbaa kee sooromaa waan jiruuf, na hintuffatinii akkuma ani si jaalladhu na jaalladhu ergaa jedhu qaba. Bo'oo sadaffaafi arfaffaarratti 'yoo garaan kee jibba yaaduu, ani immoo jaalalan yaadaa' yaanni jedhu yaadaa waldarbaa (contradict idea) agarsiisa. Kana jechuun intalli mucaa jaallachaa akka hinjirre, garuu mucaan intala sanaaf jaalala guddaa akka qabu ergaa

jedhuu dabarsa. Kanaaf, mucaan intala sooressaa kun fuula narraa gargalfateetti sodaa jedhu karaa sirba kanaan dabarfatee jira.

Dabalataanis, ergaan geelloo kana keessatti darbee jiru bakka jireenyata intalaa ibsee jira. Bo'oo shanaffaafi jahaaffaarratti 'manni abba kee Jimmaa, kan naggadeen keessa yaatuu' kan jedhu intala ilmaan Jimmaa ta'uufi daandiin daldaltoota naannoo kana keessa jiraachuu ergaa jedhu qaba. Haa ta'u malee, sirba lakkoofsa lammaffaa bo'oowwan torbaffaafi saddeetteffaarratti 'jaalala keetuu irra keessaa, kan garaan kee jibba yaaduu' kan jedhu intalli Warra Jimmaa kanaan dura mucaa kana jaallachaa turtee, amma immoo duubatti deebi'uu ishee ibsa. Kanaaf, ergaan sirba kana keessatti darbee jiru mucaan intala garmalee jaallachaa kan jiru yoo ta'u, jaalalli intalaa mucaa sanaaf qabdu immoo hir'ataa akka jirudha. Walumaagalatti, ergaa sirbi geelloo kun dabarserraa, ergaawwan sadii akka darbanii jiran hubachuun nidanda'ama. Inni jalqabaa, ergaa qabeenyaa abbaa intalaafi mucaa ibsudha. Innis abbaan intalaa kan dhibbise yookiin baay'ee sooressa kan ta'eefi abbaan mucaas qabeenyaa akka qabudha. Inni itti aanu mucaan intala baay'ee akka jaallatudha. Garuu inni dhumaa, intalli mucaa ishee jaallatu kanarraa fuula ishee akka naanneffataa yookaan itti bobboonaa akka jirtudha.

Haaluama walfakkaatuun, dargaggeessi bakka Taabonni ba'etti sirba geelloo  23/8/2013 yeroo sirban daawwatame.



Fakii 2: Aanaa Giddaatti yeroo dargaggoonni bakka Taabonni ba'etti sirba geelloo sirban

Fakiin lammafaan kun yeroo dargaggoonni bakka Taabonni ba'uutti sirba geelloo jaalala qabu sirban daawwatame. Sirbi geelloo isaan sirbanis kan asiin gadiiti.

3. Muka laaluu yaabbannaa
   Muka laaluu ishee tarree
   Durba Waayyuu jaallannaa
   Durba Waayyuu ishee qarree
   Ishee kaadhimaa hinqabnee.( Madda: daawwanna 23/08/2013)

Akka aadaa Oromootti karaa namni ittiin jaalala ibsatu keessaa sirbi geelloo tokkodha. Sirba kanas irra caalaatti dargaggeessatuu shamarran jaallatuuf sirba. Kaayyoon isaas jaalalaa ittiin ibsachuudha. Kanaaf, sirbi asiin olitti dhihaate kun sirba geelloo qabiyyee jaalala qabudha. Ergaawwan sirba kana keessatti darbanis dhimmoota hawaasaa lama tuqu. Inni jalqabaa, dargaggoonni durba Waayyuu jaallachuu isaaniiti. Bo'oowwan sadaffaafi arfaffaarratti 'Durba waayyuu jaallanaa, durba Waayyuu ishee qarree' kanneen jedha dargaggoonni kunniin durba gosaan Waayyuu jaallachuu isaanii ergaa jedhu dabarsee jira. Durba Waayyuu keessaa immoo ishee qarreen jirtu jaallachuu isaanii sirbichaan dabarfatanii jiru.

Inni lammataa immoo, ergaa safuu Oromoo qabu darbarsee jira. Akka aadaa Oromoo warra Giddaatti durba kaadhimaa qabdu jaallachuun safuudha. Kanaaf, sirba geelloo kana keessatti dargaggeessi intala kaadhimaa qabdu akka jaallachuu hinqabne ibsee jira. Bo'oo dhumaa walaloo kanaa irratti 'Ishee kaadhimaa hinqabne' yeroo jedhu, durba kaadhimaa qabdu jaallachuun safuu akka ta'e ergaa jedhuu dabarse. Qarree kaadhimaa qabdu yoo dargaggeessi jaallate uummanni Oromoo Giddaa nisafeeffata. Dargaggeessi intala kaadhimaa qabduuf jaalala isaa yoo ibsate, akka safuu uummatichaa cabsetti ilaalama. Bu'uuruma kanaan, dargaggoonni naannoo Giddaa sirba geelloo isaanii keessatti durba Waayyuu ishee kaadhimaa hinqabne jaallanna jechuun safuu uummataa isaanii eeganii jiru.

Karaa biraatiin, afgaaffiifi marii garee Oromoo Giddaa waliin taasifame akka addeessutti, sirbi geelloo qabiyyee jaalala akka dabsuu danda'u ibsanii jiru. Sirboota isaan afgaaffiifi marii gareen dhageessisan keessaa sirbi geelloo itti aanee dhihaatu isa tokkodha.

4.Farsoo koo carii koo

Naafoo calalii koo

Shorroo koo lubbuu koo

Naafoo qananii koo    (madda: Af gaaffii  J.Wfi T.A (15/09/2013)

Oromoon ilmaan Giddaa kan jaallate ogafaan isaatti fayyadamuun faarsa. Kan jibbaanis ogafaan isaa fayyadamuun balaaleeffata yookiin qeeqa. Sirbi kun sirba dargaggeessi jaalallee isaaf sirbudha. Ergaan achi keessa jirus jaalala intalaaf qabu ibsa. Bo'oowwaan sadaffaafi arfaffaa sirba kanarratti 'Shorroo koo lubbuu koo, Naafoo kananii koo' kanneen jedhaman, ergaa isaan dabarsnis bareedduu koo ati naaf qananiidha kan jedhu dabarsa. Kanaaf, ragaa asiin olitti dhihaatee xiinxalame kanarraa, sirba geellootti fayyadamuun waan jaallatan tokkoof ergaa dabarsuun akka danda'amu hubachuun danda'ameera.

Walumaagalatti, qabiyyeewwan sirboonni geelloo ofkeessaa qaban keessaa sirbi geelloo qabiyyee jaalalaa ofkeessaa qabu isa tokkodha. Ergaan achi keessatti darbus dhimma jaalala shamarraniif qaban dargaggeessi dabarsurratti xiyyeeffata. Qaamoleen hawaasa sirba kana keessatti qooda fudhatanis irra jireessaan dargaggootadha. Kan sirbamuufis shamarraniifidha. Sirbichis bakka jiloonni garaagaraa kanneen akka bobbii Taabotaafi sirna gaa'elaa jirutti sirbama.

### 4.1.2. Hawwii

Qabiyyeewwan sirboonni geelloo ofkeessaa qaban keessaa inni biroon qabiyyee hawwii agarsiisuudha. Kana yommuu jedhamu dargaggoonni sirba jaalalaa kanaan hawwii waliif qaban ibsatu jechuudha. Ragaaleen qorannichaa Oromoo Giddaarraa funaanaman akka ibsanitti, qabiyyeewwan sirboonni geelloo dabarsaan keessaa qabiyyeen hawwii isaa tokkodha. Daawwannaa Eebila 11/2021 ilmaan Giddaa gosaan Qarsaa ta'an taasifamee akka ibsutti, sirboota sirna gaa'elaarratti sirbaman keessaa sirbi geelloo qabiyyee hawwii agarsiisu isa tokkodha. Ergaan sirba kana keessatti mul'atus qabiyyee hawwii hiriyyootaaf qaban dabarsa. Sirboonni kunninis kanneen itti aananii jiranidha.

5. Kaleessaa dheengadda roobee

Mulluu bargii durbat nyaataa

Bareedaa sooyyoma gootee

Bulee ka'een suman yaadaa. (madda: Daawwannaa gaa'elaa Ebla 03/08/2013)

Sirbi kun siba jala bultii sirna gaa'elarratti sirbamudha. Akka aadaa Oromoo Giddaatti sirba jala bultii shamarraniifi dargaggootatuu halkaan walitti yaa'ee sirba. Sirba kana dargaggeessa (qeerrootuu) jaala bultii gaa'elaarratti durba jaallatuuf sirba. Ergaan keessatti mul'atus, hawwii dhiiroonni shamarraniif qaban karaa ittiin ibsatanidha. Kunis sirba kana keessatti bo'oo sadaffaarratti 'bareeda sooyyoma gootee' kan miidhagina intalli sun qabdu faarsa. Sooyyoma kan jedhu mukaa baadiyyaa keessatti biqilu ta'ee, qal'aa dheeraa baayyee lookoo kan ta'edha. Kanaaf, sirba kan keessatti miidhagina intalli sun qabdu sooyyomaan bakka buusaanii ibsaa jiru. Akka aadaa Oromoo Giddaatti jechoonni akka sooyyomee, agadaa, lookoo, simaleefi leemmanee jedhaman miidhagina shamarranii ibsuuf gargaru. Itti dabalees, gaaleewwan (luka gogorrii, qal'oo migiraafi qullaa durbaa) jedhamanis miidhagina durbaa ibsuuf fayyadamu. Kanarraa ka'uun, jecha 'sooyyomee' jedhu miidhagina intala ittiin ibsuuf bakka buusanii ibsanii jiru.

Ilmaan Giddaa keessatti dargaggeessi shamarra jaallatu tokko yeroo hundamaa sammuu isaa keessa naannofti. Yeroo ciisisuufi deemu waa'ee ishee irra caalatti yaadaa oolee bula. Kana immoo carraa bakka jiloota garaagaraafi sirboonni gaa'elaa jiranitti fayyadamuun hawwii qabu ibsata. Sirba geelloo jala bultii gaa'elaarratti sirbamu asiin olii bo'oo dhumaarratti 'Bulee ka'ee suman yaadaa' kan jedhu qabiyyee dargaggeessi yeroo maraa intala jaallatee yaadachuun sirbu dabarsa. Bulee ka'ee isuman yaadaa jechuun halkaniifi guyyaa si hindagadhuufi yeroo mara sammuu koo keessa naannoftaa dhaamsa jedhu of keessaa qaba. Kanaaf, bakki sirba gaa'elaa bakka itti dargaggoonni waljaallatan sirbatti fayyadamuun hawwii jaalala isaanii ittiin waliif dabarsan keessaa isa tokko jechuudha.

Dabalataanis, sirbi geelloo itti aanee dhihaate afgaaffiin kun afgaaffiin argame. Qabiyyeen sirba kanas hawwii durbummaaf qaban ittiin ibsatanii jiru.

6,Bara abbaan kee duuleen beekaa
Isatuu Sidaama ajjeesee
Durbummaan xuruudha seetee
Isatuu si daalacheessee. (madda: Af gaaffii R.Afi S.F. (15/09/2013)

Akka aadaa Oromootti durbummaan bakka guddaa qaba. Shamarran durbummaa malee yoo heeruman abbaan manaa deebisee galcha. Kanaaf, shamarran durbummaa isaanii gaa'ela dura hinkennan. Haa ta'uu malee, warri dhiiraa gaa'ela durbummaa durbaa fudhachuuf hawwii

guddaa qabu. Yeroo kana dhiironni sirba geellootti gargaaramuun hawwii isaanii ibsatu. Ragaan asiin olitti dhihaate kunis kanuma mirkaneessa. Sirba kana keessatti, ‘Durbummaan xuruudha seetee, Isatuu si daalacheessee’ kan jedhu, durbummaaf hawwii olaanaa waan qabaniif tooftaa ittiin shamarran amansiisanidha. Kanaaf sirbi geelloo karaa ittiin hawwii ibsan keessaa isa tokkodha.

Haaluma walfakkaatuun, sirbi geelloo intala fudhaaf hawwan tokkoof, karaa ittii ergaa dabarsanidha. Ragaan dhimma kanaan waliin walqabates marii gareen argames kan asiin gaditti dhihaatedha.

7. Didibbee Galiilaa
   Bishaan haa taliluu
   Si fudhee badinnaa
   Birraan haa barituu. (madda: Marii garee (18/09/2013)

Sirbi kun mucaan intala fuudhuuf hawwii qabu karaa ittiin ibsatedha. Yeroo tokko tokko rakkoolee garaagaraa yoo jiraate, intala barbaaddu tokko fudhatanii baduun Oromoo Giddaa keessatti nimul’ata. Kanaaf, sirbi kun yoo Birraan bari’e waan fedhe iyyuu ta’e si fuudhuun qabaa dhaamsa jedhu qaba. Kanaaf, qabiyyeen sirba kana dhimma hawwii intala fuudhuuf qabu ofkeessaa qaba.

Karaa biraatiin ergaan sirba geelloo kana keessatti darbe yoomessa ofkeessaa qaba. Walaloo sirbaa kana keessatti bo’oowwan lammataafi arfaffaan yeroo gaa’elli raawwatamu waqtii Birraa akka ta’e ibsu. Sababiin isaa bo’oo lammataarratti ‘bishaan haa taliluu’ kan jedhu, yeroo Ganni darbee bishaan lagaa cara jedhee gara barbaadametti akka deeman ibsa. Itti dabalees, bo’oo dhumaarratti ‘Birraan haa barituu’ kan jedhu Ganni darbee yeroo lafti caf jedhu mucaa intalaa fudhatee akka baduu barbaadu agarsiisa. Sirbi geelloo lakkoofsa torbaffaarratti sirbame yeroo gaa’elli Oromoo raawwatamu ibsee jira. Kanaaf, sirbi geelloo asii oliirraa akkuma hubachuun danda’amu, gaa’elli kan raawwatamu Ganni darbee, akka lafti bari’eetti gara Bonaatti siiqeeti.

Qeerroowwan Giddaa Ayyaanaa bakka jiloonni hedduun jiranitti sirba geellootti fayyadamuu hawwii shamarraniif qaban ibstu. Fakkeenyaaf, sirbi geelloo kun guyyaa daboo oolanii galgala yeroo isaan sirban daawwatamee jira.

8. Giddaafoo Gidda Giddaa
   Walaakaat Gibeef malee

Jirraafoo jirra jirraa

Walargaat dhibeef malee.    Madda:Daawwannaa guyyaa daboo Caamsa 10/2013

Sirbi geelloo kun akkuma sirba lakkoofsa torbaffaa waan lama dabarsa. Inni jalqabaa, lubbuun jirra garuu walarguu dhabnee wal yaaddeefi hawwiine qabiyyee jedhu qaba. Kana jechuun shamarran Oromoo Giddaa maatiin waan mana hinbaafneef, walarguu dhabuun walhawwaniifi waldheebotanii jiruu jechuudha. Inni lammataa immoo, sirbi geelloo yoom sirba kan jedhu ergaa dabarsee jira. Kunis sirbi kun galgala bakkoota jiloonni garaagaraa jirutti erga nyaatanii dhugaanii booda sirba kana fayyadamuun hawwii isaanii ibsanidha. Kanaaf, akka Oromoo Giddaa Ayyaanatti sirbi geelloo qabiyyeewwan hawwiifi yoomessa ibsuurratti humna guddaa akka qaban hubachuun nidanda'ama.

### 4.1.3. Filannoo

Qabiyyeen sirba geelloo inni biroon immoo filannoo agrsiisuudha. Haaluma kanaan dargeessi adeemsa jaalala isaanii keessatti yoo shamarran oftuulummaa baay'isan sirba geelloo fayyadamuun filannoo kan biraa akka qaban ibsatu. Ragaaleen dhimma kanaan walqabatanii asiin gaditti dhihaachuun xiinxalame.

9. Yeroo handaaqqoon iyyituu
   Mormi handaaqqoo yayya'aa
   Yoo at argaa koo jibbituu
   Tokko argaa koo dharra'aa.( madda: Marii garee (18/09/2013)

Akka aadaa Oromootti shamarran tokko waliin akkuma waljaallachuun jiru darbee darbee addaan ba'insi nimul'ata. Yeroo kana dargaggeessi intala jaallatee addaan ba'u sanaaf filannoo biroo akka qaban ibsuuf. Walaloon sirbaa asiin olii kunis kanuma mirkaneessa. Sirba kana keessatti bo'oowwan sadaffaafi arfaffaarratti 'Yoo ati argaa koo jibbituu, Tokko argaa koo dharra'aa' kan jedhuu filannoon biroo akka jiru ibsa. Kana jechuun ati yoo na jibbite, kan jaallatu jiraa ergaa jechuudha.

Itti dabalees, daawwannaa Oromoo Giddaatiif Eebla 28/2013 taasifame akka ibsutti, sirbi geelloo qabiyyee filannoo agarsiisuu argamee jira. Ragaan kunis kan asiin gaditti dhihaatedha.

10.Gudduu guddataa caalii
   Sangaan bar sadii qotee
   Fudhuu muka arbaa yaabii

Bagan gaaf sadii quufee.

Madda: daawwannaa jaala bultii gaa'eela Eebla 28/2013

Sirbi kunis sirba geelloo qabiyyee filannoo ofkeessaa qabu dabarsa. Ragaan asiin olitti dhihaate kun akka ibsutti, namni shamarran waliin ture tokko (shamarran saalquunnamtii waliin raawwatee) yeroo addaan ba'an, anoo si quufera fudhuu muka yaabii ergaa jedhu dabarsa. Kunis xiinsammuun isaa akka hintuqamneef ofjajjabeessuuf sirba kanatti fayyadamee si barbaaduufi si quufera ergaa jedhu dabarfate. Dabalataanis, sirbi kana fayyadamuun intala waliin turee har'a addaan ba'an kana aarsa. Sababiin isaa sirbichi bakka dargaggoonniifi shamarran walitti ba'anii sirbanitti waan sirbamuuf, intala sanatti gaaffii maalifan mucaa kana waliin yeroo jaalalaa dabarse yaanni jedhu keessa dhufuun aariin itti dhaga'ama. Kanaaf, ragaa asiin olitti dhihaatee xiinxalamerraa, sirba geellootti fayyadamuun ergaa filannoo yookaan addaan ba'insa ibsachuun akka danda'ame hubachuun nidanda'ama.

Haaluma walfakkaatuun, afgaaffiifi marii garee Oromoo Giddaa waliin taasifame akka eeruutti, sirbi geelloo qabiyyee filannoo akka qabu ibsanii jiru. Ragaaleen namoota kanneenirraa argame walfakkaata. "Naannoo kana keessatti sirbi geelloo baay'ee beekamadha. Kunis qabiyyeewwan garaagaraa qaba. Isaan keessaa qabiyyee filannoo kanneen qaban isa tokkodha. Sirbi geelloo qabiyyee filannoo agarsiisuu yoo ati na dhiiste filannoo biraa akka jiru agarsiisa," jechuun ibsan (Ebla 28/2013). Ragaan dhihaate kun akka ibsutti, sirbi geelloo filannoo ibsuurratti humna cimaa qaba. Dargaggeessi shamarran tokko jaalatu tokko yoo dhabe sirba geelloo fayyadamuun filannoo biraa akka jiru ibsata. Kanaaf, sirbi geelloo filannoo agarsiisuu keessatti gumacha mataa isaa qaba. Ragaa afgaaffiifi marii gareen argame kanarraa, sirba geellooti fayyadamuun filannoo ibsachuun akka danda'amu hubachuun nidanda'ama.

### 4.1.4. Gaabbii

Sirbi geelloo akkuama qabiyyee filannoo qabu agarsiisu, qabiyyee gaabbii agarsiisus ofkeessaa qaba. Sirbi geelloo yookaan jaalala dhiirri shamarran jaalatee yoo addaan ba'e booda addaan ba'uu isaa yoo gaabbe sirba geelloo qabiyyee gaabbii qabu fayyadamuun gaabbii isaa ibsata. Kanaaf, sirbi geelloo gaabbii agarsiisuu keessatti gahee mataa isaa qaba.

Daawwannaa ilmaan Giddaa keessatti bakka jala bultii gaa'elatti taasifame akka ibsutti, sirboota geelloo naannoo Giddaatti sirbaman keessaa sirbi geelloo qabiyyee gaabbii qabu isa tokkodha. Ragaan asiin gaditti dhihaate kun daawwannaa taasifamerraa argame.

11, Fardaa kee hingurgurtaa
Kooraa kee akkam gootaa
Ofii kee hinheerumtaa
Jooraa kee akkam gootaa
Jooraan kee joorinnaa
Ijaan siif tsoominnaa.
Madda:daawwannaa bakka jala bultii gaa'elatti 30/08/2013

Sirbi geelloo qabiyyee gaabbii agarsiisu sirboota geelloo keessaa tokko ta'ee, qabiyyee gaabbii kan ofkeessaa qabudha. Dargaggeessi (qeerroo) sirbi geelloo fayyadamun gaabbii mucaa intalaa tokkoof qabu ibsa. Ragaan sirba geelloo asiin olitti dhihaate kun dargaggeessa intala heerumtu jaallachaa tureetuu intala heerumtuuf geellifate. Ergaan sirba geelloo kana ofii kee hoo mana dhaabuuf kaate, ani jooraa kee akkam ta'u kan ibsuun gaabbii intala sanaaf qabu ibsate. Shamarri tokko gaafa heerumaaf qophooftu qaamolee hawaasaa garaagaraatuu garaan raafamee marareeffata. Qaamolee hawaasaa kanneen keessaa immoo hiriyyaa dhiiraa ishee tokko waan ta'eef, sirba geelloo kanatti fayyadamuun gaabbii itti dhaga'ame ibsate. Bo'oo dhummarratti 'Ijaan siif tsoominnaa' kan jedhu immoo, intalli heerumaaf deemtu gaa'elli raawwachuuf torban lama yeroo hafu tsoomii tsoomuu waan jalqabduuf, hiriyyaa ishee sunis tsoomii gargaaruuf ishee waliin tsooma. Kunis mucaan kun akka baay'ee ishee jaallachaa turee amma garuu rakkoo ishee waliin hirmaatee agarsiisa. Kanaaf sirbi geelloo kun gaabbii jaalala intalaaf qabu ibsee jira.

Dabalataanis, sirbi itti aanee dhihaatu sirbi geelloo qabiyyee gaabbii akka agarsiisu ibsa.

12.Erga abbaa dinbiitii
Dajjamasti hinkooruu
Erga anaafi si'itii
Gargar baati hinooluu.
Madda:daawwannaa bakka jala bultii gaa'elatti 30/08/2013

Akka aadaa Oromoo Giddaatti namni waljaallate tokko yeroo walirraa adda ba'u gaabbuun isaa hinhafu. Keesumaa iyyuu, durba baay'ee jaallatu tokko akka malee dhabnaa ogafaan isatti gargaaramuun fayyadamuu gaabbii qabu ibsata. Sirbi geelloo immoo gosoota ogafaanii keessaa tokko waan ta'eef, waan keessa namatti dhaga'ame ibsachuu keessatti gumacha guddaa qaba. Bu'uuruma kanaan ragaan lakkoofsa kudha lammataarratti dhihaate kun sirba geelloo qabiyyee

gaabbii ibsuu agarsiisa. Ergaan ragaa kana keessatti darbes gaabbii agarsiisa. Bo’oowwan sadaffaafi arfaffaarratti, ‘Erga anaafi si’itii, Gargar baati hinooluu’ kan jedhuu ergaa gaabbii qabu dabarsa. Kunis osoo waljaallachaa hafanii gaarii ture. Haa ta’u malee, gargar ba’uun keenya sirrii miti. Kanaaf, erga keenyaa addaan ba’uun hinhafu ergaa jedhu dabarsee jira.

### 4.1.5. Qeeqaa

Uummanni Oromoo amala badaa naannoo isaa keessatti argaman ogafaan isaatti fayyadamuun qeeqa. Haaluma kanaan dargaggoonni Oromoo sirba geelloo fayyadamuun amala badaa shamarran qaban ittiin qeequ. Kunis yommuu jaalalleen isaanii isheen duraa jaalallee ishee isaa jalqabaa dhiiftee nama biraa duukaa jaalala haaraa eegaltu karaa sirba kanaa dhaamsa qeeqaa qaban dabarfatu. Dubarri tokko dargageessa lama duukaa jaalala uumuun ishee dargaggoota walitti buusuudha. Kun immoo amala badaa ta’uu nama hubachiisa. Kanaafuu, sirbi geelloo amala badaa ta’e irraa dargaggoota deebisuuf qooda olaanaa qaba.

Ragaaleen Oromoo Giddaarraa daawwannaa, afgaaffiiifi mare gareen argama akka ibsanittis sirba geelloo fayyadamuun namoota hawaasa keessatti dogoggora qaban yeroo qeeqanii jiru. Ragaalee kanneen keessaa kan asiin dhihaatatti dhihaate kun isa tokkodha.

13.Handoodeen hinaddeessuu
Lakkii kutaa kana miicii
Sitti himnaanis hindhageessuu
Lakkii gurbaa sana dhiisii. ( madda: Marii garee (18/09/2013)

Aadaa Oromoo Giddaa biratti, namoota namoota dogoggora garaaaraa hawaasa keessatti qaban karaalee ittiin qeeqan keessaa sirbi geelloo isa tokkodha. Sirbi geelloo asiin olii kun qabiyyee qeeqaa qaba. Qabiyyee isaa keessatti shamara hiriyyaa tokko waliin turtee dhiiftee nama biraa jaallatte ittiin qeeqe. Kanas irra jireessaan dargaggootatuu fayyadamuun shamara jaalallee isaa turtee nama biraa jaallatte tokko ittiin qeeqa. Adeemsa kana keessatti yoo danda’ame qeeqanii sirreeffachuun darbee darbee ni mul’ata. Haa ta’u malee, yoo sirreeffachuu dhadhabes sirba kana fayyadamuun dogoggora ishee qeequun addaan ba’a. Ragaa lakkoofsa kudha sadaffaa (13) irratti dhihaate bo’oowwan sadaffaafi arfaffaarratti (Sitti himnaanis hindhageessuu, lakkii gurbaa kana dhiisii) kanneen jedhaman hima namaa dhaga’uu diddee maaliif gurbaa biraa waliin jiraattaa ergaa jedhu dabarsa. Kana malees, qabiyyeen sirba kana keessa darbe dorsisa ofkeessaa qaba. Bo’oo dhumaarratti, lakkii gurbaa kana dhiisii kana jedhu yoo dhiisuu mucaa

kana dhiisuu diddee waan si godha yaada jedhu ibsa. Yaada kana uummanni Oromoo naannoo Giddaa makmaaksa "hima didduu du'a hindidduu," jedhu fayyadamuun ibsata. Kana jechuun osoo waan namni sitti himu dhageessee, hinduutu hiika jedhu dabarsa. Xiinxala kanarraa, Oromoon Giddaa sirba geelloo fayyadamuun qeeqolee hawaasa keessatti argaman ibsachuu akka danda'an hubachuun nidanda'ama.

Dabalataanis, ragaan asiin gaditti dhihaate sirbi geelloo qabiyyee qeeqaa akka ofkeessaa qabu ibsa.

14.Yoo qotte gaara qotii
Bajjiin qaqaroo qabaa
Yoo sobde jaarsa sobii
Alfiin nagaroo qabaa.  Madda: afgaaffiii S.B  15/09/2013

Sirbi geelloo asiin olitti ergaa waan sobaa qeequu ofkeessaa qaba. Akka aadaa Oromootti sobdi bakka hinqabu. Kanaaf, uummanni Oromoo ogafaan isaa fayyadamuun namoota sobduu qeequ. Ragaan sirba geelloo lakkoofsa kudha arfaffaarratti dhihaate kanas nama shamarri sobde tokkotuu sirbe. 'Yoo sobde jaarsa sobii, alfiin nagaroo qabaa' kan jedhu sobni akka hinbarbaachifne ergaa jedhu ofkeessaa qaba. Itti dabalees, yoo sobuun kee hinhafu ta'e immoo ijoollee hinsobiin nagaroo (cubbuu) isaatu si miidhaa ergaa jedhu ibsa. Ragaa asiin olii kanarraa, sirba geelloo fayyadamuun sobduu qeequun akka danda'amu hubachuun danda'ameera.

### 4.1.6. Jibba

Sirba geelloo akkuma qabiyyee jaalala ofkeessaa qabu, qabiyyee jibbaas agarsiisanis ofkeessaa qaba. Jibbuu jechuun jaalalarraa dhabuu jechuudha. Ragaaleen bifa garaagaraan dhimma kanarratti Oromoo Giddaarraa argamanis ittii aanuun dhihaate.

15.Didibbeen duruu jiraa
Maal maqaan nigaaritaa
Si jibbeen duruu jiraa
Maal maqaan nagaa jirtaa.
Maddaa: afgaaffiifi marii garee J. Wfi B .T. Waxabajjii, 17/2013

Sirba geelloon fayyadamuun kan jibbaan balaaleffaachuun uummata Oromoo keessatti baay'ee beekamadha. Ergaan sirba geelloo asiin olii keessatti argumus waljaallachuufi jibbuun durumaan uummata Oromoo keessatti jiraachaa tureera kan jedhudha. Kanneen wallolan immoo yoo jaarsaan araaraman malee wal hindubbisan. Sirba kana keessatti bo'oowwan sadaffaafi arfaffaarratti 'Si jibbeen duruu jiraa, maal maqaan nagaa jirtaa' kanneen jedhaman kanuma mirkaneessu. Kanaaf, sirbi geelloo qabiyyee jibbaa akka ofkeessaa qabu ragaa dhihaate kanarra hubachuun danda'amee jira.

Haaluma walfakkaatuun, afgaaffiifi marii garee Oromoo Giddaaf taasifame akka ibsutti, sirbi geelloo qabiyyee jibbaa akka agarsiisuu ibsanii jiru. Yaanni afgaaffiifi mare gareerraa argame hunduu walfakkaata. Kanneen keessaa Jifaaree Waaqoofi Bantii Tasammaa akka ibsanitti, "Sirbi geelloo namoota jibban ittiin ibsachuu keessatti humna guddaa qaba. Sirbi kun irra caalaatti dargaggeessan waan sirbamuuf, dargaggeessi durba jibbe tokko sirba kanatti fayyadamuun ibsata. Keesumaayyuu, dargaggoonni naannoo Giddaa kun shamarran fuudhuuf kaadhimatanii osoo jiranii, yoo isheen kachachalte jibbanii addaan ba'u (Waxabajjii, /2013).

Ragaa kun sirba geelloo fayyadamuun jibba ibsuun akka danda'amu ibsa. Ragaan afgaaffiin Jifaaree Waaqoofi Bantii Tasammaa kanarraa argame kun akka ibsutti sirbi geelloo dargaggeessishamarree jibbe tokko ittiin jibba agarsiisuuf akka fayyadamu ibsa. Sababoonni shamarran jibbamanis hawaasa keessatti yoo kachachalan jechuun safuu isaanii eeggachuu yoo dadhabaniifi adeemte dhaabattuu yoo taate, dargaggeessi nijibba. Keesumaayyuu durbi kaadhimamtee jirtu tokko safuu hawaasa eeggachuu dadhabdee yoo kashlabboofte, kaadhimaan ishee ilaalatee ture jibbeerraa gala yookaan qubeelaa isaarraa hiikachuu akka barbaadde utaali jedhee jibba. Sana booda bakka sirboonni jiranitti yoo ishee arge sirba geellootti fayyadamuun jibba intala sanaaf qabu ibsa. Yeroo kana intalli sun xiinsamuun miidhamuun abdii kutattee nama biraa kan waliin jiraattu barbaaddatti. Kanaaf, sirbi geelloo qabiyyee jibbaa ofkeessaa qabu jibba ibsachuu keessatti humna cimaa qaba.

Walumaagalatti, ragaalee qorannichaa akka ibsanitti, sirbi geelloo qabiyyeewwan jaha qaba. Isaanis qabiyyeewwan jaalala, hawwii, filannoo, gaabbii, qeeqaafi jibba jedhamu. Qaamolee hawaasa garaagaraas sirba kana fayyadamuun dhimmoota kanneen ibsatu. Keesumaayyuu, Oromoo Giddaatti qaamolee hawaasaa keessa dargaggoon (qeerroon) sirba kanatti fayyadamuun

dhimoota isaanii ibsachuu keessatti qooda fudhatu. Kunninis bakkoota jiloonni adda addaa geggeeffamanitti sirbamun jiloota sanatti naatoo uumu.

### 4.2. Ergaawwan Sirboota Geelloo

Sirboonni geelloo Oromoo Giddaa ergaawwan garaagaraa ofkeessaa qabu. Ergaawwan isaan ofkeessaa qaban Kanneen gurguddoo ta'an hawaasummaa, dinagdeefi siyaasadha. Sirbi geelloo tokko haala keessatti himamu irratti hunda'uunis ergaawwan garaaragraa dabarsuu danda'a. Akkasumas, ergaa bu'uuraafi ergaawwan xixiqqoo garaagaraa qabaachuu danda'a. Qorannoo kana keessattis ergaawwan sirba geelloo Oromoo Giddaarraa funaanamtuu xiinxalamanii jiru. Ragaalee kutaa kana keessatti funaanamanii xiinxalamanis gaaffilee bu'uraa qorannichaa keessaa gaaffii lammaffaa ka'e deebisa.

#### 4.2. 1. Ergaawwan Hawaasummaa Kan Qaban

Oromoon Giddaa jireenya hawwaasummaa isaa karaa inni ittiin ibsatuufi tiksatu keessaa tokko sirboota geelloo isaatti dhimma bahuunidha. Kunis sirbooota geelloosaatti gargaaramuun wantoota jireenya hawaasummaa isaa keessatti barbaachisoo ta'an kanneen akka beekumsaa, amanamummaa, dhugaa, garraamummaa, gorsa fudhachuu, obsa qabaachuu, hojiitti cimuufi abdii kutachuu dhabuun qaban ittiin waliif dabarsu. Ergaawwan sirboota geelloo keessatti argamanis yaadiddama haala galumsaa fayyadumuun xiixalame.

Ragaalee Oromoo Giddaarraa dhimma kanarratti sirba gaa'elaa jala bultii argaman akka ibsanitti, ergaawwan sirboonni geelloo keessatti argaman dhimmoota hawaasummaa uummatichaa kallatti garaagaraa tuqu. Ragaalee funaaman keessaa kan itti aanee dhihaatu isa tokkodha.

16.Fardaa kee hingurgurtaa
Kooraa kee akkam gootaa
Ofii kee hinheerumtaa
Jooraa kee akkam gootaa
Jooraan kee joorinnaa
Ijaan siif tsoominnaa.

*Madda:*daawwannaa jala bultii gaa'elaa 30/08/2013

Akkuma duraan ibsame sirbi geelloo kun sirba gaa'ela jala bultiirratti sirbame daawwatame. Ergaan sirba kana keessatti darbes ergaa hawaasummaa ofkeessaa qabudha. Dargaggeessi

(qeerroo) sirba kana jala sirba bultii gaa'elaarraatti halkaan hirmaachuun sirba geelloo kana sirbuun shamarran jaallatan ittiin garaa waashessu. Ragaan sirba geelloo hawaasummaa ibsu asiin olitti dhihaate kana dargaggeessa intala heerumtu jaallachaa tureetuu intala heerumtuuf geellifate. Ergaan sirba geelloo kana ofii kee hoo mana dhaabuuf kaate, ani jooraa kee akkam ta'u kan jedhudha. Shamarri tokko gaafa heerumaaf qophooftu qaamolee hawaasaa garaagaraatuu garaan raafamee marareeffata. Qaamolee hawaasaa kanneen keessaa immoo hiriyyaa ishee tokko waan ta'eef, sirba geelloo kanatti fayyadamuun hawaasummaa ishee waliin ture itti dhaga'ame ibsate. Bo'oo dhummarratti 'ijaan siif tsoominnaa' kan jedhu immoo, intalli heerumaaf deemtu gaa'elli raawwachuuf torban lama yeroo hafu tsoomii tsoomuu waan jalqabduuf, hiriyyaa ishee sunis tsoomii gargaaruuf ishee waliin tsooma. Kunis mucaan kun akka baay'ee ishee jaallatu agarsiisa. Akka aadaa Oromootti waan tokko walgargaruun immoo hawaasummaa cimsuudha. Kanaaf, sirbi geelloo asiin olii ergaa hawaasummaa ibsu dabarsee jira.

Dabalataanis, sirbi geelloo hawaasummaa ijaaruu keessatti humna cimaa qaba. Umamuuman sirbi qofaa hinsirbamu. Ragaa asiin olitti dhahaate kun nama tokkoon kan raawwatu miti. Kana jechuun sirbi geelloo nama tokkoon kan sirbamu osoo hintaane, dargaggeessatuu walitti yaa'ee sirba. Dargaggoonni kunninis qaamolee hawaasa garaagaraarraa walitti qabamanii sirbu. As keessatti namni tokko yoo weeddisu kanneen biroo immoo jalaa qabuun sochii qaaman agarsiisu. Sochii qaaman agarsiisu jechuun sirba geelloo sirbu jechuudha. Hundi isaanii iyyuu ga'ee mata isaanii qabu jechudha. Kanaaf, sirbi geelloo hawaasummaa ijaaruu keessatti gumacha guddaa qaba.

Haaluma walfakkaatuun, sirbi geelloo asiin gadii kun ergaa hawaasummaa qabu dabarse. Kunis afgaaffiin jaarsa TA jedhamurraa argame.

17.Silaa rigaan siif muraa
Muka duufe hinmuranii
Silaa siduukaan galaa
Durba duukaa hingalanii.

*Madda:* afgaaffiii jaarsa T.A(15/09/2013)

Sirbi kun ergaa beekumsa aadaa dabalu ofkeessaa qaba. Akka aadaa Oromoo Giddaatti shamarran hanguma fedhe yoo jaallateyyuu waliin mana maatii isheetti galuun, aadaa

hawaasichaa keessatti beekama miti. Walaloo dhihaate kanarratti bo'oowwan sadaffaafi arfaffaan 'Silaa siduukaan galaa, durba duukaa hingalanii' kanneen jedhaman akka durba duukaa galuun aadaa hawaasichaa cabsuu akka ta'e ergaa jedhu dabarsee jira. Kanaaf, ragaa asiin olitti dhihaatee xiinxalamerraa, ergaan sirbi geelloo keessatti argamu keessaa haala hawaasaa keessatti aadaa hawaasaa waliif ibsuun akka eeggatan ergaan jedhu darbuu isaa hubachuun danda'amee jira.

Ragaan asiin gaditti dhihaate ergaa garaagarummaa garee hawaasaa keessatti argamu ibsee ibsee jira. Ragaan kunis marii gareen akkuma fakii itti aanee jirurratti mul'atu argame.



Fakii 3: Marii garee Giddaatti taasifame   Caamsa 03/2013

Marii garee kanarraa ragaan argame kan itti aanee dhihaate.

18.*Qamaleen muka hinmurtuu*
*Hinkashakkastii malee*
*Kashalee durba tumtuu*
*Hingabaabbattiif malee*
*Erga gabaabina ishee*
*Ya garaa laafina ishee.*   ( *Madda:Marii garee* 03/09/2013)

Ergaan sirba geelloo kana keessatti darbe ergaa garaagarummaa garee hawaasaa ibsudha. Akka Oromoo Giddaa Ayyaanatti hawaasni ogumaadhaan garee garaagaraa qaba. Kanaaf ergaan sirba kana keessatti darbe durbi warra ogeessaa miidhagduu ergaa jedhu dabarsa. Sirba kana keessatti

bo'oon sadaffaarratti, 'kashalee durba tumtuu' kan jedhu naannoo sana keessatti ogeessa (tumtuu) jedhaman durba babbareedduu qabuu ergaa jedhu ofkeessaa qaba. Akka Oromoo Giddaatti, tumtuu jechuun namoota ogummaalee suphee dha'uu, sibila tumuufi jirbii dha'uun beekamanidha. Kanaaf, akka ilaalcha uummata naannoo kanatti shamarran warra ogeessaa naatoo qabeeyyiidha. Dabalataanis, ergaan sirba geelloo kana keessatti darbe shamarran ogeeyyii qaamaan gaggabaabduufi gara laafetti ta'uu isaanii ibsee jira. Marii garee kanarratti ragaan argame sirbi geelloo garaagarummaa hawaasummaa uummata Oromoo Aanaa Giddaa gidduu jiru hubachiisuu danda'eera.

### 4.2. 2. Ergaawwan Dinagdee Kan Qaban

Sirboonni geelloo akkuma ergaa hawaasummaa qaban ergaa dinagdee qabus nidabarsu. Ragaaleen dhimma kanarratti uummata Oromoo Giddaa Ayyaanaarraa argaman akka ibsanitis sirbi asiin gadii ergaa dhimma dinagdee ibsu dabarsee jira.

19.Jiini wayaa hingogsuu
Mana gubbaan hafee
Dhungate abbaan hidhii
Fudhate abbaan birrii
Harka qullaan hafee
Akka mucaa rafee.

(Madda: daawwannaa jaala bultii durba heerumtuu 28/8/2013

Sirbi geelloo asiin olitti dhihaate kun gaa'elaa ilmaan Jaawwiirratti sirbame. sirbicharratti kanneen hirmaatanis qaamolee hawaasaa keessaa dargaggootadha. Sirba geelloo dhahaate kun intala heerumaaf kaate sababa dinagdee harka isaatii ba'uu ishee ibsamuuf sirbamae. Kan sirbes mucaa intala kanaaf hiriyyaa (qabdoo) turedha. Akka Oromoo Giddaatti intalli heerumaaf geesse tokko heerumaan dura hiriyyaa qabdoo niqabdi. Hiriyyaan qabdoo (dhungii) intala kana dhungaataa turee malee waan biraa (saalquunnamtii) waliin taasisuun durbummaa ishee balleessuu hindanda'u. Sababiin isaa durbi qarreen durbummaa malee yoo heerumte fafadha. Kanarraa ka'uun intala kana osoo jaallatuu nama biraatti heerumuuf yeroo kaatu sirba geelloo kana fayyadamuun rakkina dinagdeerraa kan ka'e, jaalalli isaa akka hinmilkaa'iin hafe ibsatee jira. Keesumaa iyyuu, intalli hiriyyaa dargaggeessa tokkoo waan inni yeroo sana fuudhuuf

qophii mallaqaa yoo hinqabannee sirba geelloo kanatti dhimma ba'uun rakkoo qabu dabarsata. Sirbi geelloo lakkoofsa kudha saddeettaffaa (19) bo'oowwan sadaffaafi arfaffaarratti 'dhungate abbaan hidhii, fudhate abbaan birrii' jedhu, intala ani dhungataa jaallachaa ture abbaan qarhii qabu najalaa fuudhe ergaa jedhu dabarsa. Itti dabalees, bo'oowwan shanaffaafi jahaffaarratti 'harka qullaan hafee, akka mucaa rafee' ragaan jedhu, sababan qarshii dhabeef hiriyyaa koo waan na jalaa heerumteef, duwwaatan hafee hiika jedhu qaba. Akkasumas, hiyyummaatti haa ammatuu ergaa jedhu dabarsa. Kanaaf, ergaa sirbi geelloo kun dabarse hiyyummaa komachuu yookaan dhimma dinagdee ibsuu isaati. Oromoo Giddaa biratti, gaa'ela ijaaruuf qophiilee garaagaraa barbaada. Fakkeenyaaf, bilchina sammuu, qophii mallaqaafi yeroon kanneen bu'uura ta'anidha. Kana jechuun mucaan tokko waan jaalala jalqabeef qofa fuudhuu hindanda'u jechuudha. Maatiin mucaas ilmi isaanii mana bulchuuf osoo hinga'iin hinfuusiisan. Kanaaf, akka aadaa Oromootti mana dhaabuuf, kallaatti garaagaraan qopha'uun baay'ee barbaachisaadha. Xiinxala ragaa asiin oliirraa, sirbi geelloo ergaawwan dhimma dinagdee hawaasaa dabarsu akka ofkeessaa qabu hubachuun danda'amee jira. Dabalataanis, akka aadaa Oromootti, mana dhaabuuf qophiin xiinsammuufi dinagdeen daran barbaachisaa akka ta'e xiinxalli kun hubachiisee jira.

Bifuma walfakkaatuun, daawwannaa Oromoo Giddaa Ebla hanga Waxabajjiitti bakka akka cidhaa, jilaafi Taboonni bobba'utti taasifamee akka ibsutti, sirboonni geelloo ergaa isaan dabarsan keessaa ergaan dinagdee tokkodha. Ragaan ergaa dinagdeen walqabatee funaaname keessaa kan lakkoofsa 20'rratti dhihaate kun isa tokkodha.

20. Agadaan muka mukaa
Soommoo maaltuu nyaataree
Kee garaan dureessa harkaa
Koo immoo maaltuu raasaree. *Madda:* Afgaaffii T.B. 17/10/2013

Ragaan kun ergaa dinagdeefi koomii ofkeessaa qabuu waliin kan walqabate dabarsa. Kunis intalli dureessa jaallachaa jiraachuun ishee beekamee jira. Bo'oon sadaffaa sirba kanaarratti, 'Kee garaan dureessa harkaa' kan jedhu ati nama qabeenyaa garaagaraa qabu jaallattee jirtaa ergaa jedhu dabarse. Bo'oo dhumaarratti, 'Koo immoo maaltuu raasaree' kan jedhu immoo, ani ilma hiyyeessatii waan ta'eef, si argachuu hindanda'u dhaamsa jedhu qaba. Kanaaf, sammuu jeequu (raafamuu) dhiisee, ofamansiisee jiraachuun qaba malee sababan dinagdee dhabee mucayyoo kan sooressaa taateef akka

miidhamuu hinqabne ofjajjabeessa. Ragaan asiin olitti dhihaate kanarraa, sirbi geelloo ergaa dinagdee qabu akka dabarsu hubatamee jira.

Afgaaffii Waxabajjii, 17/2013 Tujubaa Baay'isaa waliin taasifameen sirbi geelloo ergaa dinagdee qabu akka jiru ibsamee jira. Sirboonni Oromoo dhimmoota dinagdee ibsuu keessatti humna cimaa qabu. Fakkeenyaaf, Tujubaa Baay'isaa akka ibsetti,

"Sirbi geelloos akkuma sirboota biroo ergaa dinagdee qabu dabarsa. Kunis yeroo baay'ee uummata naannoo Giddaa kana biratti dargaggoonni yeroo shamarran jaalatanii qabeenyaa waan hinqabneef jaallachuu didde sirba kanatti fayyadamuun rakkoo mallaqaa kana ibsu," jedha. Yaada Tujubaa Baay'isaa kenne kun akka aadaa Oromoo Giddaatti dargaggoonni shamarran jaallatanii sababa dinagdee argachuu hindandeenye sirba geelloo fayyadamuun ibsata. Yeroo baay'ee hawaasa keessatti shamarran mallaqaan sossobamuun nimul'ata. Kun immoo jireenya fooyya'aa jiraachuuf jechadha. Kana malees, yoo abbaan manaa isaanii qabeenyaa qabate dafqa tokko malee qabeenyichatti waan makamaniif, jaalala isaanii keessatti hiyyeesa jaallachuu caalaa nama jireenya qabu filatu. Xiinxala kanarraa, sirba geelloo ergaa jaalalaa qabu fayyadamuun rakkoo dinagdee qaban ibsachuu akka danda'an hubachuun danda'ameera.

### 4.2.3. Sirboota Geelloo Ergaa Siyaasa Qaban

Hawaasni Oromoo cunqursaa gabroomfataa diduun, karaa ogafaanii deebisanii ofhaaromsaa turaniiru. Sirbootaan ofhaaromsuu keessatti seenaan Oromoo akka hinbarreeffamne nafxanyootaan dhorkamee ture. Sababni isaas, afoolli hawaasa tokkoo seenaa hawaasa tokkoo baata waan ta'eefidha. Sirbi siyaasaa hojii uumee namootaa keessaa tokko ta'ee, kan sirbamu yoo jijjiirama kan ibsu ta'eefi muuxannoo jireenya isaanii keessatti itti fufuun ta'ee seenaa adda addaatiif akka wabiitti kan gargaarudha. Mormiin siyaasaa dhiyeenya kana bilisummaaf taasisan keessatti qooda guddaan kan qabu sirba siyaasan ibsama.

Ragaaleen Oromoo Giddaarraa argaman akka ibsanitti, dargaggeessi bakka jiloota garaagaraatti yeroo sirba geelloo sirba kana fayyadamuu dhimmoota siyaasasaanii ibsatu. Ragaalee kanneen keessaa kan asiin gadiitti dhihaate isa tokkodha.

21.Ishoo yaa hidda fiitii sanyii
Namaafisoo nama qabnaa

Lafaafisoo lafa qabnaa
Biyyaafisoo biyya qabnaa
Maaf nama miitii namnii
Maaf nama miitii ormii
Maaf nama miitii barrii x 2.

*Madda:* marii garee Caamsa 03/2013

Sirbi kun ergaa siyaasa waan sadii qabu ofkeessaa qaba. Inni jalqabaa, osoo nama, lafaafi biyya qabnuu maaliif namni nama miidhaa ergaa jedhu dabarsa. Uummata naannoo sanaa keessaa namoonni aangoo qaban yeroo isaan siyaasatti fayyadamuun namoota baay'ee hanga lubbuun ajjeesitti miidhaarraan ga'a turanis jirus. Yeroo kana qaamolee hawaasaa garaagaraa sirba kana fayyadamuun quqqaa garaa isaanii keessa jiru ibsatu. Inni lammataa, humna namaa barate, dachee bal'oofi biyya mataa keenyaa osoo qabnuu ormi (alagaan) maaliif maaliif nu miitii ergaa jedhu dabarsee jira. Akkuma Oromoo biroo uummanni Oromoo naannoo Giddaa alagaan miidhameera. Yeroo kanas uummanni naannoo kanaa ogafaan isaa keessaa sirba geellootti fayyadamuun dhiibbaa alagaarraa itti dhufu didaafi ibasachaa tureera jechuudha. Inni dhumaa, ergaa barri nama miidhaa jedhu dabarse. Bo'oo dhumaarratti, 'maaf nama miitii barrii' kana jedhu ergaa abbaa baraa yookaan mootummaan aangoorra jiru maaliif hawaasa naannoo kanaa maaliif miidha ergaa jedhu dabarse jira. Kanaaf, xiinxala kanarraa kan hubatamu, sirna siyaasaa fayyadamuun dhiibbaan namoota dhuunfaafi uummata Oromoo akka miidhanidha.

Dabalataanis, sirbi geelloo asiin gaditti dhihaate kun ergaa siyaasa qaba. Ragaan kunis marii garee Giddaatti taasifamerraa argame.

22.*Gabatee naannessan soofaa murtaniiree*
*ABO ABO yaadessaa dhiiraa dhuftaniiree*
*Gabatee naannessan soofaa murtaniiree*
*Ya qeerroo yaadessaa diinaa jirtaniiree*
*Gabatee naannessan soofaa murtaniiree*
*Oromoo Yaadessa diinaa jettaniiree.*

*Madda:* marii garee Caamsa 03/2013

Ergaan ragaa kana keessatti darbee dhaabbilee maqaa Oromoon siyaasaa gurmaa’anii saba Oromoof qabsaa’aniifi saba Oromoo qabsoo isaatiif miidhamaa ture faarsuuf sirbame. Bo’oo lammataa walaloo kanaarratti, ‘ABO ABO yaadessaa dhiiraa dhuftaniiree’ kan jedhu dhaabni Oromoo ABO jedhamu kan qabsoo Oromoo keessatti nyaappaa (alagaa) yaadessuun beekamu baga nagaan dhuftan ergaa jedhu dabarsa. Yeroo ammaa naannoo Giddaa Ayyaanaa keessatti WBO bakkoota hedduutti argamuun falmii mootummaa biyya kana bulchaa jirurratti geggeessaa jira. Sababiin mootummaan maqaa jijjiiraman biyya kana bulchaa jiru gaaffilee Oromoo naannoo Giddaatti argamu kana deebisee waan hinjirreef, gaaffii uummata kanaa deebisuu WBO falmii taasisaa jira. Bu’uuruma kanaan uummanni naannoo sanaa yeroo WBO naannoo sana keessatti argamuun bakka jiloota garaagaraarratti argaman sirba kana fayyadamuu yaadessaa dhiiraa ta’uu isaanii ibsanii jiru.

Qeerroofi qarreen Oromoo siyaasa Oromoo keessatti gumacha olaanaa qabu. Keesumaa bara 2006 A.L.I. mootummaan ADWUI (TPLF) dursamu maqaa maaster pilaanii jedhuun lafa Oromoo qircachuuf yaadanii booda qeerroofi qarreen Oromoo akka dhaaba siyaasatti qindaa’uun kaayyoo humna kana fashalees jira. Sana booda maqaa qeerroofi qarree Oromoo naannoo sana biratti, maqaa dhiira hinfuudhiiniifi shamarran hinheerumin beeka ture gara maqaa dhaaba siyaasa miidhaa uummtaaf falmu ta’ee beekameera. Kanarraa ka’uun, uummanni naannichaa kabajaafi jaalala siyaasaa kennuufin sirba bo’oo arfaaffaarratti dhihaate kana jechuun faarsu. ‘Ya qeerroo yaadessaa dhiiraa jartaniiree’ kan jedhu kunis ergaa qeerroo waan Oromoon naannoo Giddaa yeroo ammaa keessa jiru argitanii jirtuu ergaa jedhu dabarsa. Kanaaf, sirbi kun ergaa siyaasa Oromoo dabarsee akka jiru hubachuun nidanda’ama.

Akkuma beekamu dhaabbileen Oromoo kamiyyuu uummaticha keessaa maddan. Kanaaf, uummani kun walii isaaf kabaja guddaa qaba. Kanas dargaggeessi Oromoo bakka jiloonni garaagaraa jirutti sirba kana fayyadamuun kabaja saba isaaf qabu ibsa. Bo’oo dhumaa ragaa kanaarratti, ‘Ya Oromoo yaadessa diinaa jettaniiree’ kan jedhu kun waan keessa jiru kana fuudhatan moo maal wayyaa ergaa jedhu ibse. Yoo hinfudhatan ta’e diddaan haa jalqabuu moo akkam goonu gaaffii jedhu gaafatee jira. Kun immoo uummanni Oromoo Giddaa kallattii qabsoo Oromoo naannichaa kennuu keessatti gumacha guddaa qabu hubachuun nidanda’ama.

Walumaagalatti, uummanni Oromoo Giddaa sirba geelloo ergaawwan hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa dabarfatu. Ergaan dhimma hawaasummaa taatewwan hawaasummaa waliin

walqabatan ibsa. Kunis sadarkaa hawaasaa, bifaafi haala jiruufi jireenyaa of keessatti hammata. Ergaan dinagdees, sirba geelloo fayyadamuun ergaa dhimma dinagdee qabu ittiin ibsachuudha. Egaan siyaasaa immoo, sirba kana fayyadamuun cuqursaa, quuqqaafi dhiibbaa hawaasa kee keessatti argamu ibsachuudha.

### 4.3. Faayidaalee Sirboonni Geelloo Hawaasaaf Qaban

Sirbi faayidaa hedduu qaba. Sirbi seenaa, eenyummaa, falaasama, ilaalcha, duudhaa, safuu, dinagdee, amantii, siyaasa, beekumsaafi muuxannoo dhala namaa baatee akka as ga'u taasisuu keessatti gumacha olaanaa qaba. Itti dabalees, sirbi aadaa hawaasa tokkoo calaqqisiisuu keessatti gahee guddaa qaba. Sadarkaa jireenya uummata tokkoo kan mul'isu, fedhii, siyaasa, tokkummaa, aadaa hawwii, gadda, gammachuufi bu'aa bahii dhala namaa kan ifa taasisuufi daawwitii hawaasni tokko dhimma isaa keessatti ilaaludha. Kanaaf, afoolli jiruufi jirenya dhala namaaf faayidaa kana jedhamee hinlakkaa'amne qaba.

#### 4.3.1. Bashannansiisuu

Gooroowwan beekumtaa garaagaraa jiran faayidaa gurguddoo afur kan qaban yoo ta'u, isaanis: bashanansiisuu, dhugoomsuu, barsiisuufi cimsuufi dabarsuudha. Ta'us angafummaan kaayyoon sirboonni sirbamaniif inni tokko bashannansiisuudha. Kanaaf, sirboonni hawaasa itti fayyadamu sanaaf humna bo'aarsuu jabaa qaba.

Oromoon Giddaa sirba geelloo isaatti fayyadamuun walbashannansiisaa ergaa waliif dabarsuuf. Bu'uurama kanan tooftalee funaansa ragaalee kanneen akka daawwanaa, afgaaffiifi marii gareetti fayyadamuun Oromoo Giddaarraa ragaaleen argaman akka ibsanitti, sirbi geelloo faayidaalee garaagaraa akka qabu argamee jira. Ragaan ittii aanee dhihaate kunis sirboota geelloo keessaa daraa kan bashannasiisaa ta'edha.

23.*As hinoollee Giddaan oolee*
*Ya shittoo gabaa kaleessaa*
*Ani si hinoodnee siti na oodee*
*Ya xiqqoo magaala leensaa.*

Madda:afgaaffii 15/09/2013

Ragaa dhihaate kun ergaa nama bashannansuu qaba. Kuins gabaa Giddaa keessaa waan urgaa'u jiraachuu ibsuun isaa nama bashannansiisa. Sababiin isaa guyyaa gabaa Giddaa namoonni sa'aa

dheeraa miilaan deemanii waan dhufaniif, wantoonni foolii urgaa qaban baay'inaan hinmul'atan. Garuu, sirbichi akka waan gabaa keessa waan urgaa'aa jiruutti ibsee jira. Dabalataan intalli xiqqoon dargaggeessa dubbisuu waan diddeef, namoonni yeroo sirba kana dhaga'an itti bashannanu.

### 4.3.2. Safuufi Duudhaa Barsiisuu

Srbi geelloo humna safuufi duudhaa barsiisuu qaba yommuu jedhamus gochoonni, fakkeenyaaf, akka sobuu, hatuu, gantummaa, imaanaa nyaachuu, amanamummaa dhabuu, jechoota laguufi qaanii lagachuu dhabuuniifi gochaalee qaanessoo biroo raawwachuun jireenya hawaasummaa ofii balaa hamaaf akka saaxilu humna addeessuu waan qabuufidha. Oromoo Giddaa immoo safuu isaaf, kan jechaas ta'e kan gochaaf, kabajaa guddaa qaba. Kan safuu isaa cabseenis akka haraamuutti fudhata. Kanaafis sirba geelloosaatti gargaaramuun akka dhaloonni safuu beekuutti, kabajuufi safeeffachuutti guddataniif cimsee barsiisaa. Ragaan itti aanee dhihaate dhimma kana barsiisa.

24.*Kottu agadaan siif cabsaa*  
*Isa kolaasaa qamalee*  
*Kottu alagaan siif argaa*  
*Ishee qofaa ishee dhalattee.*

Madda: Marii garee Caamsa 03/2013

Akka aadaa Oromootti fira alagaa malee fira jaallachuun safuu uummataa cabsuudha. Alagaa jechuun gosa Oromoo garaagaraa keessatti dhalatedha. Intala tokko yeroo adeemsa jaalalaafi gaa'elaaf barbaadan intala warra gosaa naannoorraa dhalootan adda taatetuu barbaadamaf. Kun immoo akka aadaa Oromootti fira fuudhuun akka hindanda'amne ibsa. Sirbi dhihaate kun intala alagaa (gosaan) adda taateen siin barbaada jechuun yaadaa kana dhugumsee jira.

### 4.3.3. Eenyummaa Ijaaruu

Faayidaa sirboonni geelloo Oromoo Giddaa qabaniifi itti dhimma ba'aman inni biroon ittiin eenyummaa ijaaruufi qaruudha. Eenyummaa kunis eenyummaa gaarii jireenya hawaasummaa keessatti fudhatama qabuufi eenyummaa gama siyaasaan ilaalamudha. Eenyummaa gaarii gama jireenya hawaasummaan walqabate ijaaruun kunis aadaa wajjin walitti dhufeenya kan qabu ta'ee, namni tokko eenyummaa akkamii yoo qabaate hawaasa keessa jiraatu biratti

fudhatamummaa akka qabu qaruun ijaaruudha. Fakkeenyaaf, eenyummaa akka walkabajuu, hojiitti cimuu, jaalala namaaf qabaachuu, dhugaaf jiraachuu, amanamummaa, garaamummaa, oguma, beekumsa, nama biroo waliin waliigaluu, gorsa fudhachuu, abdii kutachuu dhabuu, ofitti amanteefi obsa qabaachuun eenyummaawwaniifi amaloota fudhatamummaa hawaasa keessa jiraatan biratti namaaf kennanidha.

Ragaaleen dhimma kanaa walqabatanii Oromoo Giddaarraa funaanaman akka ibsanittis faayidaalee sirboonni geelloo qaban keessaa eenyummaa ijaaruun isa tokkodha. Ragaan kunis kan itti aanee dhihaatedha.

25.Abbaan kee nama arrabsaa
Haatii michuu namaa
Eessa kee si dhaananii
Dhaqna kee kichuu kanaa
Arma kee gidduu rafaa. Madda: Marii garee Caamsa 03/2013

Sirbi geelloo kun eenyummaa abbaa, haadhafi intala yookaan eenyummaa maatii tokkoo ibsee jira. Bo'oo jalqabaarratti, 'abbaan kee nama arrabsaa' kan jedhu maatii sana keessaa amalli abbaan ittiin beekamu nama arrabsuudhaani. Nama arrabsuun immoo, amala dudduutuu akka ta'e ibsa. Kanaaf, eenyummaan abbaan maatii kana keessaa arrabsoofi duddutaa waan ta'eef, eenyummaa yaraa akka qabu ragaan kun ibsee jira. Dabalataanis, bo'oo lammataarratti, 'haatii kee michuu namaa' kan jedhu immoo faallaa abbaa kan ta'e, nama kamiyyuu waliin akka walii galtuu ibsa. Michuu namatii jechuun namoota hunda waliin haala salphaan walii galti jechuudha. Kanaaf, eenyummaan haati kun qabdu eenyummaa gaarii akka ta'e dabarsee jira. Bo'oo arfaaffaarratti immoo 'eessa kee si dhaananii, dhaqna kee kichuu kanaa' kanneen jedhaman intalli maatii kanaa kichuu yookaan ijoollee ta'u ishee dabarsa. Eenyummaan intala kanaa bareedduufi ijoollee akka taate ergaa sirba geelloo kana keessa jiru dabarsee jira. Kanaaf, faayidaa sirbi geelloo qabu keessaa eenyummaa ibsuun tokko ta'uu hubatamee jira.

### 4.3.4.Onnachiisuuf

Sirboonni geelloo akkuma eenyummaa hawaasa tokko ibsuu keessatti gumacha olaanaa qabu, dhaloota haaraa onnachisuu keessattis gahee mataasaanii qabu. Ragaan dhimma kanarratti daawwannaan sirba gaa'elaarraa argames asiin gadiitti dhihaate kunis kanuma mirkaneessa.

26.Dhugumaa Jaldeessoo
Yommuu lafa deemu

Hiyyeessa fakkaata,
Yommuu farda yaabuu
Qilleensa fakkaata
Qaraaru qaraaruu
Dhugee farda yaabe
Waaq nama haa baraaruu.
*Madda:*daawwannaa jaala bultii gaa'elaa 30/08/2013

Sirbi geelloo kun qe'ee warra mucaa fuudhuufi intala heerumtuutti sirba jala bultiirratti sirbama. Sirbi jala bultii sirni gaa'elaa raawwachuuf yeroo torbeen lama hafu walitti fufinsaan torban lamaaf sirbama. Kanaaf, yoomessi sirba faaruu kanaa mana warra intalaafi mucaa fuudhuuti. Yeroon isaa immoo halkanidha. Qaamoleen hawaasaa sirba kana keessatti qooda fudhatanis shamarraniifi dargaggeessadha. Akka aadaa Oromoo Giddaatti sirba jaala bultiif, shamarran kadhatamanii kan sirbicharratti hirmaatan yoo ta'u, dargaggeessi immmoo osoo hin kadhatamiin ofuma isaa shamarran kadhatamani dhufan kanneen barbaachaaf irratti hirmaata. Dargaggeessi yoo hinjirranne sirbi sun hinho'u. Kanaaf, dargaggeessi hinkadhatamiin iyyuu malee sirbicha ho'isuu keessatti shoora olaanaa qabu. Ergaan sirba geelloo kanaa Dhugumaan yeroo farda yaabbatee waraanu hedduu cimaa waan ta'eef, rabbiin namarraa haa hamibsisu jedhu dabarsa. Dhugumaan farda yaabbatee lola jalqabnan eenyurraa iyyuu hindheessu. Dhugumaan fardaan waraanee mo'amee hinbeeku. Diinota Oromoo warra lafa babal'ifachuuf naannoo ilmaan Giddaa, Limmuufi Eebantuu deeman fardaafi gaachana isaa fayyadamuun waraanee naannoo sanarraa baasuun lafa Oromoo saamicharraa hambise. Hojiin isaa kunis goota beekama taasisee isa jira. Kanaaf, namoonni hedduun ogafaan sirba faaruutti gargaramuun gootummaa isaa kanaaf beekamtii kennanii jiru.

Goonni saba tokkoof baay'ee barbaachisaadha. Sabni goota hinqabne alagaa biyya keessaafi alaan roorrifama. Haa ta'u malee, sabni goota qabu kallaattiwwan siyaasaafi dinadgeen isaa ijaaramee hacuuccaa biyya keessaafi alaa itti dhufe jalaa hafa. Kanaaf, jiraachuun gootaa saba tokkoof baay'ee murteessaadha. Itti dabalees, gootota durii faarsuun gootota haaraa horachuuf fayyada. Dhaloonni haaraa yeroo gaa'elaa gootota durii yoo faarsan ani immoo yooman goota ta'ee akka kanaa faarsama jedhee daandii gootummaa barbaaddata. Kanaaf, gootota sirba geelloorratti faarsuun dhaloota haaraa onnachisuu keessatti faayidaa guddaa qaba.

Dhaloonni kallaatti garaagaraan gootome rakkoolee hedduu saba isaa mudatu qolachuuf qophaa'adha. Akkuma "Oromoon albee qaramtee teessee waan murtu hindhabdu," jedhu sanadha.

Kana jechuun waan tokko sehachi qopheessuurra qophaa’ee yoo taa’e daran filatama. Gootota durii faarsuun dhaloota haaraa onnachisuun qabeenyaan, siyaasniifi beekamtiin sabichaa akka hinqisamnee taasisa. Sababiin isaa roorrisaan gaafa sabatti dhufu sitti himee hindhufu. Kanaaf, sirbi geelloo dhaloota amma karaa hedduun onnachisuun gootomsee ulfinaafi kabaja saba ofii eeguun tursiisurratti muteessadha.

Walumaagalatti, ragaaleen qorannoo kanaa akka ibsanitti, sirboonni geelloo hawaasaaf faayidaalee gurguddoo afur qaba. Isaanis bashannansiisuu, safuufi aadaa barsiiuu, eenyummaa ijaaruufi onnachiisuudha. Akkuma ogafaan biroo sirboonni geelloo hawaasa isaa bashannansiisuu keessatti gahee gudddaa qaba. Itti dabalees, Oromoo Giddaa Ayyaanaa sirbi geellootti fayyadamuun safuufi aadaa hawaasasaa barsiisa. Eenyummaanis faayidaa sirboonni geelloo qaba keessaa tokkodha. Dbalataan sirboonni geelloo dhaloota haaraa onnachiisuu keessatti gumacha olaanaa qaba.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana keessatti cuunfaa, argannoofi yaada furmaatatuu dhihaata. Cuunfaa keessatti yaada cuunfaa qorannichaatuu dhihaate. Argannoo keessatti immoo xiinxala ragaalee qorannichaarraa waan argametuu ibsame. Qorannichaaf yaanni furmaataa immoo, yaboo kaassatti kenname.

## 5.1. Cuunfaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa ergaa afwalaloo sirba geelloo Oromoo Aanaa Giddaa Ayyaanaa xiinxaluudha. Kaayyoo kana galmaa ga'uuf madda raga tokkoffaarraa ragaaleen funaanamanii jiru. Maddi ragaalee qorannoo kanaa madda raga tokkoffaati. Iddattoon qorannichaa Aaanaa Giddaa Ayyaanaa keessatti gandoota digdamii torba argaman keessaa gandoonni shan mala kaayyeffataatti fayyadamuun filatamanii jiru. Gandoota shaman filataman keessaa immoo mala kaayyetaafi darba dabarsaatti fayyadamuun namoonni shan shan ganda tokko keessaa walumaagalatti namoonni digdamii shan ragaalee kennuu qorannoo kanaa keessatti qooda fudhataniiru. Dabalataanis, bakka jiloonni garaagaraa kanneen akka bakka Taabonni ba'uufi bakka sirni gaa'elaa itti sirbame lamaan isaanii daawwatamuun ragaaleen qorannoo kana funaanamanii jiru.

Qornnoo kun qorannoo akkamtaati. Kanaaf, mala akkamtaatti fayyadamuun ragaalee argaman xiinxalamanii jiru. Ragaalee xiinxalaman kanneenirraa sirboonni geelloo Oromoo Giddaa qabiyyeewwan jaalalaa, hawwii, filannoo, gaabbii, qeeqaafi jibba ofkeessaa qabu. Itti dabalees, sirboonni ergaawwan hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa ibsan dabarsu. Dabalataanis, sirboonni geelloo hawaasichaa faayidaalee bashannansiisuu, safuufi aadaa hawaasaa barsiisuu, eenyummaa ijaaruufi dhaloota haaraa onnachiisuu qabu.

## 5.2. Argannoo

Ragaalee qorannoo kanaa boqonnaa arfaaffaa keessatti xiinxalamanirraa argannoowwan gurguddoo sadii argamanii jiru. Inni jalqabaa, sirboonni geelloo qabiyeewwan jaha ofkeessaa qaba. Isaanis qabiyyee jaalalaa, hawwii, filannoo, gaabbii, qeeqaafi jibba jedhamu. Qabiyyee jaalalaa kanneen qaban dhimmoota jaalala waliin walqabatan kanneen dabarsanidha. Keesumayyuu inni kun dargaggoota biraatti baay'ee beekamaadha. Qabiyyee hawwii kanneen qaban immoo hawwii shamarran tokko qaban kanneen ibasanidha. Akka ragaaleen xiinxalaman ibsanitti, sirbi geelloo qabiyyee filannoo agarsiisu tokko malee filannoo biraa akka jiru ibsuuf

dargaggoonni dhimma akka itti ba’an argatamee jira. Dabalataanis, sirboonni geelloo qabiyyee gaabbii qaban dargaggoonni Giddaa shamarran jaallachaa turanirraa yeroo addaan ba’an sirboota qabiyyee kana qaban fayyadamuun gaabbiisaanii ibsatu. Sirboonni geelloo qabiyyee qeeqaa qabanis hawaasa keessatti dogoggoorota jiran ittiin qeequuf akka gargaaran xiinxala ragaalee boqonnaa afur keessatti taasifamerraa argamee jira. Kana malees, sirboonni geelloo qabiyyee jibbaa akka qabu ragaalee xiinxalamanirraa bira ga’amee jira.

Inni lammataa ragaalee qorannichaa funaanamanii xiinxalaman akka ibsanitti, sirboonni geelloo ergaawwan hawaasummmaa, dinagdeefi siyaasaa akka dabarsan argatamee jira. Ergaawwan hawaasummaa dhimmoota hawaasaa kanneen akka beekumsaa, walgargaarsaafi garaagarummaa garee hawaasaa gidduu jiru dabarfachuuf sirboonni geelloo humna guddaa akka qaban argatamee jira. Akkasumas sirboonni geelloo ergaawwan dinagdee ittiin dabafachuuf gumacha olaanaa akka qabu xiinxalli raga qorannichaa hubachisee jira. Dabalataan sirboonni geelloo hawaasni sirna siyaasaan miidhame, cuqursaa, quuqqaafi dhiibbaa hawaasasaarra ga’e ittiin dabarfachuu akka danda’u ragaalee qorannichaa lafa kaa’ee jira.

Argannoo kana inni sirboonni geelloo hawaasa isaaf faayidaalee gurguddoo qaba. Isaanis ragaaleen qorannoo akka ibsanitti, bashannansiisuu, safuufi aadaa barsiisuu, eenyummaa ijaaruufi onnachiisuudha. Akkuma ogafaan biroo sirboonni geelloo hawaasasaa bashannansiisuu akka danda’u ragaalee xiinxalamanirraa argatamee jira. Itti dabalees, sirboonni geelloo safuufi aadaa barsiisuu keessatti shoora guddaa akka qabu argatamee jira. Ragaaleen boqonnaa arfaaffaa keessatti xiinxalaman akka ibsutti sirboonni geelloo eenyummaa ijaaruufi ibsuu keessatti gumacha mataa isaa qaba. Haaluma walfakkaatuun, ragaaleen xiinxalaman akka ibsanitti, sirboonni geelloo dhaloota haaraa onnachiisuuf akka gargaaru argatamee jira.

## 5.3. Yaboo

Argannoowwan qorannaa kannaaf yaanni furmaataa inni jalqabaa, sirboonni geelloo qabiyyeewwan garaagaraa waan qabaniif, dhaabbileen mootummaafi miti mootummaa naannoo Aanaa Giddaa Ayyaanaatti argaman kanneen akka Waajjirri Aadaafi Turiizimiifi dhaabbanni miti mootummaa IFG jedhaman osoo qabiyyeewwan sirboota geelloo qorachuun dhaloota haaraa basrsiisanii gaarii ta’a.

Inni lammataa akkuma argannoo keeaassatti ibsame sirboonni geelloo ergaawwan hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa qaban dabarsu. Kana immoo dhaloonni haaraa naannoo sana keessatti argaman sababa amantiiwwan garaagaraan liqifamaniif, irra jireessaan itti

fayyadamuun dhimmootasaanii hinibsatan. Kanaaf, barsiirsonni Afaan Oromoo Aanaa Giddaa Ayyaanaa sirboota kanneen akka afeetti fayyadamuun dhalootaa haaraa kana kutaa barnoota Afaan Oromoo keessatti ergaawwan isaa osoo barsiisanii daran faayida qabeessa ta'a.

Yaanni furmaata inni dhumaa, argannoo keessatti ibsame, sirboonni geelloo hawaasa isaaf faayidaalee bashannansiisuu, barsiisuu, eenyummaa ijaaruufi onnachiisuu qabu. Haa ta'u malee, hawaasni naannoo sanaa barteemaan fayyadamu malee faayidaalee sirboonni geelloo isaaniif qabu ibsaa yoo jedhaman irra caalaan isaanii hubii hinqaban. Kanaaf, Waajjiraaleen mootummaa kanneen akka Aadaafi Turiizimiifi hawaasummaa faayidaalee sirbichaa qarachuun osoo hawaasaaf hubii kennanii hawaasichi faayidaa sirbichaa beekuun, daran akka itti fayyadamn taasisa.

## Wabilee


Adisu Tolesa (1999). *Gerarsa Folksong as the Oromo Nationalism Literature*: A study or Ethino-graphy, Folklore and Folklife in the Context of the Ethiopian Colonization of Oromia. USA: The Edwin Mallen Press.

Addunyaa Barkeessaa.(2011). *Akkamtaa Yaadrimee qorannoo hujoo.* Finfinnee: Mega printing press.

Afolabi, J. A. (2004). The Functional Perspectives in African Oral Performance. *A Journal ofContemporary Research V1pp 20 -30*.

Andrzejewski, B. W. (1985). *Literature in African Languages: Theoretical Issues and SampleSurveys*. Cambridge: Cambridge University Press.

Assefa Tefera, (2015). Ethnography of Resistance Poetics Power And Authority In Salale Oromo Folklore and Resistance Culture. Indiana University, In Partial Fulfillment of the Requirements for the Degree of Doctor of Philosophy.

Asafaa Tafarraa, 2011. Eela: Seenaa ogumaa oromoo. Finfinnee faresat Trading plc.

Austin, J. L. (1962). *How to do Things with Words* (2th ed.). London: Routledge.

Bascom, W. (1965). The Forms of Folklore: Prose Narratives. Published by Ameri Folklore Society. *The Journal of American Folklore, Vol. 78, No. 307*.

Bukenya, A. (1994). *Understanding Oral Literature.* Nairobi: Nairobi Univetsity Prees.

Coffin, T. ed. (1968). American Folklore. Voice of America Series. III. USA.

Cerulli, E. (1922). *The Folk-Literature of the [Oromo] of Southern Abyssinia*. Harvard African

Studies III: Cambridge Mass. Dastaa Dassaalany. (2002). *Bu'uura Qorannoo:* Addis Ababa University. Dhaabbata maxxansa boolee.

Dastaa Dassaalany. (2002). *Bu'uura Qorannoo:* Addis Ababa University. Dhaabbata maxxansa boolee.

Dastaa Dassaalany (2013). *Bu'uura Qorannoo.* yuunvarsitii addis Ababaatti barsiisa, qorataafi Bareessaa maxxansa lammaffaa printed: by far East trading PLC.

Dorson, M. (Ed.). ( 1972 ). *Folklore and folklife*. Chicago: Chicago University Press.

Dundes, A. (1980). *The Study of Folklore*. Landon: Prentice Hall, Inc.

Fedhasaa Taaddasaa. (2017). *Bu'uuralee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Oromiya.

Fekede Azeze. (1999). *Yesineqal Memiriya.* Alpha Printers

Filee Jaalataa. (2016). *Beekumtaa Oromoo*. Finfinnee: Mana Maxxansa Raajii.

Finneggan, R. (1970). *Oral literature in Africa*. Nairobi: Oxford University Press.

Finneggan, R. (2012). *Oral literature in Africa: World oral literature series* (Vol. 1). UK: Open.

Geremu Chala and Hunduma Dagim. (2018). Oromo oral literature for environmental Conversation: A studies of selected foclk songs in East and West Hararghe zone. Journal humanities at Harama University, vol. 7, pp. 94.

Green, T. A. (1997). *Folklore: An Encyclopaedia of Beliefs, Customs, Tales, Music, and Art*. California: ABC-CLIO, Inc.

Haayiluu Bantii. (1997). *Coraa aadaa.* Finfinnee Oromiyaa: Madda walaabuu.

Hammersley, M., & Atkinson, P. (2007). *Ethnography: principles in practice*. New York: Taylor & Francis Library.

Jaarraa Wasaneefi Wasanee Bashaa.(2008). *Bantuu Haaraa*: *Caaslugaafi Ogbarruu Afaan Oromoo*. Finfinnee. Mega Printing press.

Jeylan, W. (2006). A Critical Review of the Political and Stereotypical Portrayals of the Oromo in the Ethiopian Historiography. *Nordic Journal of African Studies 15(3): 256–276.*

Misgaanee Bayyanaa. (2019). *Xiinxala Ergaa Sirba Jaalalaa Dargaggo*: Godina Horroo Guduruu Wallaggaa AanaaHorroo Bulluq.Waraqaa Qorannoo Hinmaxxanfamiin.

Misgaanuu Gulummaa, (2011).*Naatoo: Aadaa Fuudhaafi Heeruma Oromoo*.Oromiyaa Finfinnee: Raajii.

Murphy, W. (1978). "Oral Literature. Annual Review of Anthropology," Vol. 7, pp.113-116.

Mhando, J. (2008). 'Safeguarding Endangered Oral Traditions in East Africa.' A Report for UNESCO. Accessed from: www.unesco.org/culture/ich/doc/.../00374-EN.p

Neuman.L.W. (2007). *Basic Social Research.Qualitative and Quantitative Approaches (2nd.Ed)*

Norton, D. E. (1987). *Through the Eyes of a Child: An Introduction to Children's Literature*.

Okpewho, I. (1992). *African Oral Literature.* Bloomington and Indian Polls: Indian Univerity Press.

Schoemaker, G. H. (ed.). (1990). *The Emergence of Folklore in Everyday Life: A Field guide and Sourcebook.* Bloomington: Trickster Press.

Sims, M. C. & Stephens, M. (2005). *Living Folklore: An Introduction to Study of People and Their Tradition*. Logan: Utah State University Press.

Solanke, S. & Ayodabo, S. (2017). Contemporary marriage process in Nigeria. Nigeria:

Victor.D. (2009) *Research Design and Methods for studying Culculture.*NewYork: Altamira

Sumner, C. (1996). *Oromo Wisdom Literature: Oromo Folktales.* Addis Ababa: Central Printing.

Yeneenesh Saamu'el. (2010). Qaccessa Sirba Fuudhaafi Heeruma Oromoo Wallaggaa, Aanaa Giddaa Ayyaanaa. Yuunversiitii Addis Ababatti Waraqaa Qorannoo digirii lammaffaa hinmaxxanfamiin.

## Dabalee A

## I. Cheeklistii  Daawwannaaf Qophaa’e

Yuunvarsiitii Jimmaa Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruutti qajeelfamoota daawwannaa qorannoo Digirii lammataatiif qophaa’an.

Sirba geelloo daawwatame ______________________________

Guyyaa sirbich raawwatame ______________________________

Naannoo/bakka sirbi sun itti geggeeffame ____________________

| **Lak.** | **Qabxilee daawwannichaa** |
|---|---|
| **1** | **Qabiyyeewwan sirboota geelloo** |
| 1.1 | Jaalala ibsachuuf |
| 1.2 | Amala badii qeequu |
| 1.3 | Hawwii ibsachuuf |
| 1.4 | Jibba ibsachuuf |
| 1.5 | Gaabbii ibsuuf |
| 1.6 | Filannoo ibsuuf |
| **2** | **Ergaawwan sirba geelloo** |
| 2.1 | Ergaa hawaasummaa |
| 2.2 | Ergaa dinagdee |
| 2.3 | Ergaa siyaasaa |
| **3.** | **Faayidaalee sirboonni geelloo hawaasichaaf qaban** |
| 3.1 | Barsiisuuf |
| 3.2 | Bashannansisuuf |
| 3.3 | Onnachisuuf |
| 3.4 | Eenyumaatti ijaaruuf |

# Dabalee B

## II. Afgaaffii Qorannoo Kanaaf Qophaa'e

Yuunvarsiitii Jimmaa Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruutti afgaaffii qorannoo Digirii Lammataatiif qophaa'e.

Kaayyoon qorannoo kanaa ergaawwan sirba geelloo Oromoo Aanaa Giddaa Ayyaanaa xiinxaluudha. Odeeffannoo haqa qabeessa fedhii guutuudhaan isin naaf kennitaniitiin kaayyoo qorannoo kana galmaan ga'uuf gumaacha olaanaa qaba. Kanaaf odeeffannoo dhugaafi haqa qabeessa akka naaf keennitan kabajaanan isin gaafadha. Odeeffannoon kunninis dhimma qorannoo kiyya qofaaf akkan itti fayyadamu waadaan isiniif gala.

1. **Odeeffannoo Walii Galaa**
2. Umrii: 30-40 ☐ 41-50 ☐ 51-60 ☐ 61-70 ☐ 71-80 ☐ 81 oli ☐
3. Saala: dhi ☐ dub ☐
4. Gulaantaa hawaasaa keessatti argamtu: Qarree ☐ Qeerroo ☐ Maanguddooa ☐ kan biroo ☐
5. Hojii Filannoo hojjeta mootunnaa ☐ Q/Bulaa ☐ Daldalaa ☐ Barataa ☐

2. **Gaaffilee Asiin Gadii Akka Gaafatamteetti Deebisi**

1. Sirboonni geelloo naannoo kana keessatti sirbaman maaliif akka sirbaman tarreessaa.
2. sirba geelloo jaalalaa dabarsan natti himaa.
3. sirba geelloo hawwii ibsuuf gargaaran tarreessaa.
4. sirba geelloo nama biraa qeequuf fayyadan ibsaa.
5. Sirba geelloo gaabbii agarsiisuuf tajaajilan ibsaa.
6. sirba geelloo jibbaaf sirbaman naaf jedhaa.
7. Sirboota geelloo naannoo kana keessatti qaamolee hawaasaa hirmaatan tarreessaa.
8. sirboonni geelloo naannoo kana keessatti sirbaman ergaawwan akkamii akka dabarsan ibsaa.
9. Sirboonni geelloo hawaas-dinagdee keessatti gumacha inni qabu ibsaa.
10. Sirboonni geelloo haala kamiin haala jiruufi jireenya naannoo kanaa akka ibsan ibsaa.

# Dabalee C

## III. Qabxiilee Marii Garee

Yuunvarsiitii Jimmaa Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruutti gaaffiwwan marii garee qorannoo Digirii Lammataatiif qophaa'an.

Kaayyoon qorannoo kanaa ergaawwan sirboota geelloo haala galumsaafi raawwii keessatti xiinxaluudha. Kanaaf, odeeffannoo haqa qabeessa fedhii guutuudhaan isin mari'achuun naaf kennitaniitiin kaayyoo qorannoo kana galmaan ga'uuf gumaacha olaanaa qaba. Kanaaf odeeffannoo dhugaafi haqa qabeessa ta'e, mari'achuun akka naaf keennitan kabajaanan isin gaafadha. Odeeffannoon isin mari'achuun kennitan dhimma qorannoo kiyya qofaaf akkan itti fayyadamu gamanumaan waadaan isiniif galuun barbaada.

1. Qabiyyeewwan sirba geelloo naannoo kana keessatti sirbaman maal fa'a?
2. Sirbi geelloo naannoo kana keessatti sirbaman ergaawwan dabarsan naaf ibsaa.
3. Qaamoleen hawaasaa sirba geelloo keessatti qooda fudhatan eenyu faadha?
4. Sirbi geelloo naannoo keessan keessatti sirbamu hawaasichaaf faayidaan isaan kennan maal akka ta'ee naaf ibsaa.
5. Sirbi geelloo haala kamiin dhimmoota hawaasa naannoo kanaa akka tuqan irratti yaada qabdan naaf kenna.

## Dabalee D

## Maqaa Namoota Ragaa Kennuu Keessatti Qooda Fudhatanii

| Lak. | Maqaa guutuu | Umurii | Koorniyaa | Ga'ee hojii |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Bantii Tasammaa Guutuu | 54 | Dhi | Qonnaan bulaa |
| 2 | Dachaasaa Baqqalaa Gammadaa | 58 | " | " |
| 3 | Eebbaa Jaalataa Dhaasaa | 70 | " | " |
| 4 | Gonfaa Galataa Olqabaa | 68 | " | A/gandaa |
| 5 | Gudduu Rooberaa Injifataa | 62 | " | Daldalaa |
| 6 | Hantaamuu Waaqkennee Turaa | 67 | " | Barsiisaa |
| 7 | Jiraaree Waaqoo Kushii | 80 | Dha | Qonnaa bultuu |
| 8 | Lammii Darajjee Wiirtuu | 78 | Dhi | A/Gadaa |
| 9 | Nuruu Yaasiin Mohammeed | 71 | " | Daldalaa |
| 10 | Olqabaa Jinfessaa Qadidaa | 76 | " | Qonnaan bulaa |
| 11 | Raffisaa Adaabaa Tolaa | 69 | " | " |
| 12 | Shakaanee Akumaa Jiisoo | 52 | Dha | Qonnaa bultuu |
| 13 | Sufaa Fatansaa Bantii | 71 | Dhi | Barsiisaa |
| 14 | Sarkituu Biduu Abdiisaa | 61 | Dha | Daldaltuu |
| 15 | Sooromee Bayyanaa Tafaa | 66 | " | Qonnaa bultu |
| 16 | Taliilaa Olii Gannaa | 68 | Dhi | Qonnaa bulaa |
| 17 | Tamiruu Reebaa Ambassaa | 74 | " | Hojjeeta gandaa |
| 18 | Tujubaa Abdii Ta'aa | 54 | " | Qonnaa bulaa |
| 19 | Turtuu Yaadataa Kasasaa | 57 | Dha | Qonnaa bultuu |
| 20 | Umar Ayyaanaa Seekoo | 62 | Dhi | Daldalaa |
| 21 | Wasee Amsaluu Likkasaa | 70 | " | Qonnaa bulaa |
| 22 | Wayituu Garbii dinagdee | 51 | Dha | Qonnaan bultuu |
| 23 | Wayyeesaa Galataa Xiixaa | 63 | Dhi | Qonnaa bulaa |
| 24 | Zooditu Galanaa Makoo | 65 | Dha | Qonnaa bultuu |
| 25 | Zalaleem Abboosee Ijiguu | 70 | Dhi | Qonnaan bulaa |

## Dabalee E

## Fakkiiwwan Xiinxala Ragaalee Keessa Jira





Afgaaffii Aanaa Giddaatti  yammuu gaggeeffamu